**QAACCESSA DHIYAANNAA DHAMJECHOOTA HIRKATOO: KITAABILEE BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 10^FFAA^FI 11^FFAA^ BARA 2005 QOPHAA'AN**

**DASSAALENY ASAFFAA JAALATAATIIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIKOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,JOORNALIZIIMII FI QUNNAMTIITTIYUUNIVARSITII ADDIS ABABAA**

**ADOOLESSA, 2011/2019**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA DHIYAANNAA  DHAMJECHOOTA  HIRKATOO: KITAABILEE BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 10FFAAFI 11FFAA BARA 2005 QOPHAA'AN

DASSAALENY ASAFFAAJAALATAA

GORSAA: TOLAMAARIYAM FUFAA  (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIKOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,JOORNALIZIIMII FI QUNNAMTIITTI YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA

ADOOLESSA,2019
FINFINNEE

**Yunivarsiitii Addis Ababaa**

Waraqaa qorannoo kana ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Ogbarruufi Fooklooriidhaan Gamisaan Guuttachuuf**Dassaaleny Asaffaa Jaalataatiin**Mata duree, ‟Qaaccessa Dhiyaannaa Dhamjechoota HirkatooKitaabilee Barnoota Afaan OromooKutaa 10^ffaa^fi 11^ffaa^ ‘’ jedhuunqophaa'ee dhiyaate Sadarkaa qorannoo Yunivarsiitii Addis Addis Ababaa kan guute ta'uu ni mirkaneessina.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa_____________________________mallattoo___________Guyya________

Qoraa keessaa__________________________mallattoo___________Guyyaa________

Gorsaa________________________________mallattoo___________Guyyaa________

________________________________________________________________________

Itti gaafatamaa muummee yookaan Qindeessaa sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

## Axereeraa

*Kaayyoon qorannoo kanaa dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barumsa Afaan Oromoo kutaa 10$^{ffaa}$fi 11$^{ffaa}$ bara 2005 qophaa'an keessatti dhiyaatan qaaccessuudha. Kana jechuun dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo unkaan,tajaajilaan,bakka galumsaan,qabiyyeedhaan,haala dhiyaannaa murtaa'aa irraa gara dimshaashaa ykn dimshaashaa irraa gara murtaa'aa ta'uun qaaccessameera. Walsimannaa kitaaba barattootaa, qajeelcha barsiisotaafi silabasii barnootaas qaaccessameera. Akkasumas hariiroo dalgeefi olee qabiyyee barnoota kanaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaalee kanneen Keessatti mul'atan maal akka ta'an adda baasuun qaaccessameera. Akka madda ragaattis Kitaaba barattootaa,qajeelcha barsiisotaa fi silabasiin kutaalee kanneenii filatamaniiru. Iddattoonis mala iddatteessuu mit-carraa keessaa,iddatteessuu akkayyootti gargaaramuun filataman. Sababni isaasisaan kunniin madda odeeffannoo bu'uuraa waan ta,aniif sakatta'uudhaan qaaccessi taasifameera. Qorannoon kun gosa qorannoo Ibsaa (descriptive research)ta'ee,meeshaaleen funaansa ragaa kan qorataan itti gargaarame ammoo,mirkaneeffannaa kitaabilee barattootaa,qajeelcha barsiisotaafisilabasii barnootichaati. Odeeffannoon meeshaalee kanneeniin walitti qabaman mala qorannoo akkamtaatiin qaacceffameera. Akka argannoo qorannoo kanaatti, maalummaan dhamjechoota hirkatoo gadifageenyaan unkaan,tajaajilaanfi bakka galumsaan dhiyaachuu irratti hanqinni jiraachuun adda baheera. Dhamjechoonni kitaabilee barattootaafi qajeelcha barsiisotaa keessatti dhiyaatan darbanii darbanii kan walhinsimne ta'uu,haalli dhiyaannaa bakka tokko tokkotti murtaa'aa irraa gara dimshaashaa ykn dimshaasha irraa gara murtaa'aatti dhiyaachuu dhabuuNn hubatameera. Hariiroo dalgeefi olee keessattimmoo hariiroo oleen kan walqabatu qabiyyeen dhamjechoota hirkatoo bakka galumsaatiin kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti dhiyaateefi kan kutaa11ffaa keessatti dhiyaate adda adda ta'uubis kan bira gahamedha. Dhumarratti argannoo qorannoo kanaa irratti hundaa'uun dhamjechoonni hirkatoon kitaabilee barnootaa kanneen keessatti dhiyaatan murtaa'aa irraa gara dimshaashaatti ykn dimshaasha irraa gara murtaa'aatti haala barachuu barattoota giddu galeessa godhataniin dhiyaachuu kan qabanidha. Dhamjechoota hirkatoon kunniin unkaan,tajaajilaan,bakka galumsaaniifi qabiyyeedhaan adda baafamanii ibsamuun dhiyaachuu akka qaban kaa'ameera. Akkasumas,qophii kitaabilee barnoota afaanii keessatti dhamjechoonni kunniin yeroo dhiyaatan hariiroo dalgeefi olee xiyyeeffannoo keessagalchuun dhiyaachuu akkaqaban taa'eera. Kanbiraanis Kitaabilee barattootaa, qajeelcha barsiisotaafi silabasiin barnootichaa walsimachuun qophaa'uu akka qabu yaadni furmaataa kaa'ameera.*

## Galata

Hunda dura waaqayyo nagargaaree sadarkaa kanaan na ga'uu  isaatiif guddiseen galateefadha.

Itti aansuun kallattii hundaan nuffii tokko malee, yeroofi beekumsa isaanii otoo hinqusatiin gorsaafi deeggarsa olaanaa ta'e naaf kennuun jalqabaa hanga dhumaatti nacinaa dhabbachuun milkaa'ina qorannookoo kanaatiif gumaacha  guddaakan naaf godhan gorsaa koo Dr.Tolamaariyam Fufaatiif galatnikoo guddaadha.

Itti dabalees mana barumsaa Aannoo sadarkaa 2ffaafi mana barumsa qophaa’ina Aannoo kitaabilee naaf ergisuuniifi meeshaalee barreessaa adda addaan nadeeggaruudhaan hojii qorannookootiif gumaacha kan naaf godhan  guddaan galateeffadha.

Hiriyyootakoofi namoota kanneen hojiikoo jabaadhee akkan hojjedhuuf yaadaan nadeeggaraniifi najajjabeessaa turan hundaatiif galata guddaan galchaaf.

Dhumarratti hojii qorannookoo kana yeroon hojjedhu haala hundumaa keessatti yaadaafi haamileedhaan nacina dhaabbachuun jabaadhee akkan hojjedhuuf jalqabaa hanga dhumaatti yaadaan najajjabeessa kan turan  haadha warraakoo Loomituu Geetaachoo,ijoolleekoo Milkeessa Dassaalenyiifi Gamtaa Dassaalenyiitiif galannikoo kan onneerraa maddedha

BOQONNAA TOKKOO: SEENSA

Boqonnaa kana keessatti kanneen dhiya nduubee(ariirrata), Ka'umsa, Kaayyoo, barbaachisummaa(faayidaa), daangaa, hanqinafi qindoomina qorannichaa akka itti aanutti tokko tokkoon karaa gabaabaafi ifa ta’een ibsamaniiru.

## 1.1. Seenduubee

Akkuma qabiyyee kamiiyyuu dhamjechoonni hirkatoonis haala ittiin dhiyaatan niqabu.Kuni akka hayyoonni jedhanitti qabiyyeen tokko yeroo dhiyaatu murtaa’aa irraa gara dimshaashaattiifi dimshaasha irraa gara murtaa’aatti ta’uu akka qabu hayyooni ni ibsu.Qorannoo kana keessattis dhamjechoonni hirkatoo barumsa Afaan Oromoo kutaa $10^{ffaa}$fi $11^{ffaa}$ haala kamiin akka dhiyaatan qaaccassuun kan dhiyeessu ta’a.Haalota dhiyaannaa kanneenis hayyoonni yeroo ibsan akkas jedhu.

> *There are two main ways that we tend to teach grammar:deductively and inductively. Both deductive and inductive teaching have their pros and cons and which approach we use when can depend on a number of factors,such as the nature of the language being taught and the preferences of the teacher and learners (Harmer,1987).*

Haaluma kanaan malli inni tokko mala murtaa'aa irraa gara dimshaashaatti(inductive method) yoo ta’u, malli dhiyeenyaa Kunis adeemsa caasaan afaanii kitaaba keessatti ittiin qophaa’ee barsiifamu ta’ee, wanta murtaa’aa irraa eegaluun gara dimshaashaatti kan dhiyeessu ta’ee fakkeenya kennuun eegalee fakkeenyicharratti barattootaaf hubii erga uumee booda kanneen itti aananii dhiyaatan barattoonni fakkeenyicharratti hundaa’uun akka shaakalan kan taasisudha. Dursa kitaabicha keessatti ibsi fakkeenya gabaabaa waliin barattootaaf waan dhiyaatuuf fakkeenya kenname irratti hundaa’uun caasaa afaanichaa akka baratan taasisa.

Dhiyaannaa kana keessatti akkaataan qabiyyeen barnoota afaanii itti dhiyaachuu qabu otoo qabiyyee hindhiyeessiin dura fakkeenya kennuun jalqabuun itti aansuun immoo qabiyyee dhiyeessuun shaakalsiisuudha(Fireeman,2000:19).

> *Inductive reasoning is more of abottom-up approach, moving from the more specific to the more general, in which we make specific observations,detect patterns, formulatehypotheses and draw conclusions.An inductive approach involves the learners detecting, or noticing, patterns and working out a ‘rule’for themselves before they practice the language.An inductive*

*approach(rule-discovery) starts with same examples from which arule is inferred .(Thornbury,1999).*

Yaada kanas yoo ilaalle malli dhiyeenyaa kuni akkuma dura ibsame qabiyyeen kan dhiyaatu waan salpha irraa ka'uun gara walxaxaatti yoo ta'u, dura qabiyyee dhiyaatu irratti fakkeenya kennuun eegalee fakkeenyarratti hundaa'uun barattoonni akka shaakalan kan taasisu ta'uu ibsa.

Malli inni lammaffaa immoo mala dimshaasha irraa gara murtaa'aatti (deductive method)

Malli dhiyeenyaa kunimmoo, kitaabicha keessatti dhiyaannaan qabiyyee barnootaa waa'ee matadurichaa irratti yaada dimshaashaa irraa ka'uun ibsa gahaa ta'e erga kenneen booda fakkeenyiifi gilgaalota dhiyeessuun akka barattoonni shaakalan ta'uun kan qophaa'udha. Egaa, barattoonnis ibsaan booda fakkeenyaafi gilgaala kitaabicha keessatti dhiyaate irratti hundaa'uun nishaakalu jechuudha(Tashoomaa,2005:216).

*Deductive reasoning is essentially a top-down approach which moves from more general notion or theory, which we then narrow down to specific hypotheses, which are then tested.Adeductive methode (rule-driven)starts with the presentation of arule and is followed by examples from which the rule is applied (Thornbury,1999).*

Kunis kan ibsu malli dhiyaannaa kuni waan dimshaasha ta'e irraa eegaluun ibsa kennee booda gara boodaa irratti fakkeenyaan deeggaruun akka barattoonni baratan kan taasisudha jechuudha.

Walumaa galatti maloonni dhiyeenyaa kunniin lachuu kan isaan filataman afaan baratamurratti hundaa'uun(afaan dhalootaa,afaan lammaffaafi afaan alaa),sadarkaa barattootaafi muuxannoo barsiisataa giddu galeessa godhachuun ta'uu hayyuun kuni yeroo ibseera.Adeemsa baruu-barsiiqaama xiqqaa afaanii ofdanda'ee dhaabbachuun hiika tokko qofa kennuufi hirkateemmoo tajaajila seerlugaa adda addaa agarsiisuuf oolu, akkasumas hiika jijjiiruu danda'udha

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorataa kana dhamjecha hirkataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa irratti qorannoo akka gaggeessuuf kan Isa kakaase, yemmuu barnoota Afaan Oromoo kutaa 10$^{ffaa}$fi

11ffaa barsiisutti dhiyaannaan dhamjecha hirkataa kitaabilee kanneen kessaattii jiraachuu isaanii waan hubateefidha.Kunis akka hayyoonni adda addaa kaa’anitti dhamjechoonni unkaan,tajaajilaan,bakka galumsaaniifi qabiyyeedhaan ramaddii mataa isaanii kan qaban ta’uu ibsaniiru. Haalli dhiyaannaa isaaniis murtaa’aa irraa gara dimshaashaatti(From inductive to deductive) ykn dimshaasha irraa gara murtaa’aatti(From deductive to inductive) ta’uu akka qabanis ibsaniiru. Dhiyaannaan qabiyyee barnootaas kitaaba barattootaa,qajeelcha barsiisotaafi silabasii barnootaaa keessatti walsimachuu akka qabu; akkasumas hariiroon dalgeefi olee qabiyyee barnoota tokkoo jiraachuu akka qabu ibsanii jiru.Dhiyaannaa dhamjechootaa ilaalchisee hayyoonni akka itti aanutti ibsaniiru.

‘’There are two main ways that we tend to teach grammar:deductively and inductively. Both deductive and inductive teaching have their pros and cons and which approach we use when can depend on a number of factors,such as the nature of the language being taught and the preferences of the teacher and learners and also it should be clear that when we introduce a new piece of grammar we must teach not only the form, but also one of its function”(Harmer, 1987: 10).

Kana jechuun caasaa haaraa tokko yemmuu barsiifnu kan barsiifamuu qabu unka qofaa osoo hinta’iin, tajaajila hiikaa unki afaanii sun qabus ni dabalata jechuudha. Dabalataanis, Caasaaleen haaraa yemmuu qophaa’an, unka afaanichaa qofa osoo hinta’in tajaajila unkaan afaanii sun ooluuf waliin walqabsiisuun qophaa’ee dhiyaachuu qaba, (Richards and Rodgers 2001:1). Kanaafuu, namni sirna barnootaa qopheessu: akkaataa uumamaa, seeraafi haala hormaata jechootaafi unka caasaa haaraa qophaa’aa sanaa; fakkeenyaaf, unkaafi tajaajila dhamjechootaafi kkf irratti hubannoo gahaa qabaachuu qaba Kanarraa ka'uun qorataan dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa bara 2005 qophaa'an keessatti dhiyaatan irratti ramaddii dhamjechootaa ilaalchisee, haala dhiyaannaa murtaa’aa irraa gara dimshaashaattiifi dimshaasha irraa gara murtaa’aatti jiru ilaalchisee, akkasumas walsimannaa meeshaalee barnootaa kanneen ilaalchisee hanqinoonni mul’ataniiru.Hanqina mul’ate kanaaf immoo furmaata barbaaduun barbaachisaadha. Sababni isaas hanqinaaleen kunniin maqfamuu yoo baatan barattoonni hubannoo dhamjechoota hirkatoo dogoggoraa ta’eefi beekumsa gahaa hintaane qabatanii darbuun guddina afaanichaa irratti dhiibbaa waan qabuuf jechuudha.Qoratichis dhimma

kanarrattiqorannoo adeemsisuun hanqinaalee dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoon wal-qabatanii mul'atan, adda baasuun qaacceessee dhiyeesseera.

Beekumsaafi itti fayyadama afaan tokkoo keessatti seera afaanichaa qixaan beekuun baay'ee barbaachisaadha.Seerri afaanii kunis, seera seerlugaa, ijaarsaa jechootaa fi kkf ifatti beekamuu qabu. Bu'uuruma kanaan, haala qindoomina ijaarsa jechoota Afaan Oromoo hubachuuf dhiyaannaa qabiyyee dhamjecha afaanichaa bu'uura godhachuun adda baasanii beekuun barbaachisaadha. Seera qindoomina ijaarsa jechoota Afaan Oromoo beekuun immoo, seera afaanichi itti dhiyaatu hubachuuf beekumsa argachuudha (Ijaaraa, 1999).

Adeemsa qaacceessa dhiyaannaa caasaa dhamjecha afaan tokkoo keessatti tooftaa caasaan afaanii sun ijaarsa jechoota afaanichaa sadarkaa adda addaatti itti dhiyaachuu qabu addaa baasanii beekuun barbaachisaadha.

Jechoota kanneen ijaaruufis ta'e, kanneen ijaaraman hubachuuf immoo, haalli qindoomina dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti, galma ga'insa adeemsa baruu-barsiisuu dhamjecha hirkataa irrattti dhiyaatan iddoo guddaa qabu.

Kanaafuu gama kanaan qorannoo irratti geggeessuunis murteessadha jechuudha. Haaluma kanaanis qorannoonqaaccessa dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa10$^{ffaa}$fi11$^{ffaa}$ bara2005 qophaa’an irratti kan xiyyeeffatedha.

Kaayyoon isaas,hanqinaalee dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo Afaan Oromoo kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan adda baasuun,haala isaan baruu- barsiisuudhaaf itti dhiyaachuu danda’an eeruudha. Qorannoo qaaccessa dhiyaannaa dhamjecha hirkataa Afaan Oromoo sagantaa adeemsa baruu-barsiisuutiif kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10$^{ffaa}$fi 11$^{ffaa}$ bara 2005 qophaa’an irratti adeemsifame keessatti gaaffileen bu’uuraa armaan gaditti dhiyaatan deebii argataniiru.

1. Dhamjechoota hirkatoon barnoota Afaan Oromoo kutaa10ffafi11ffaa keessatti haala kamiin dhiyaatee jiraa?
2. Dhamjechoonni dhiyaatan murtaa’aa irraa gara dimshaashaattimoo dimshaasha irraa gara murtaa’aattidha?

3. Dhiyaannaan dhamjechaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kanneen keessatti dhiyaatan walqabatiinsa dalgeefi olee isaanii maal fakkaata?
4. Dhiyaannaan dhamjechootaa hirkatoo kitaabilee kanneen keessatti argaman kanneen kitaaba barattootaa,qajeelcha barsiisotaafi silabasii barnootaa keessatti dhiyaatan haala kamiin walsimatanii jiruu?
5. Walumaa galatti kitaabilee kanneen keessatti dhamjechoonni hirkatoon akkamitti yoo dhiyaatan filatamaafi sirrii ta'a?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree of keessaa qaba. Isaanis, haala itti aanuun dhiyaataniiru

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa bara 2005 qophaa'an keessatti unkaan,tajaajilaanfi bakka galumsaan maal akka fakkaatan qaacceessuun akkaataa itti dhiyaachuu qaban yaada furmaataa waliin dhiyeessuudha.

#### 1.3.2. Kaayyoowwan Gooree.

- Dhiyaannaa dhamjechootaa hirkatoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa10ffaafi 11ffaa keessatti unkaan ,tajaajilaan, bakka galumsaafi qabiyyeen akkamitti akka dhiyaatan qaaccessuun ibsuu;

- Dhamjechoota kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan qaaccessuun akkaataan dhiyaannaa dhamjechootaa hirkatoo murtaa'aa irraa gara dimshashaatti ykn dimshaasharraa gara murtaa'aatti ta'uufi dhiisuu isaa adda baasuun ibsuu;

- Dhamjechoota hirkatoon kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan kutaa keessattiifi kutaa lamaan keessatti hariiroo dalgeefi olee waliin qabaachuu isaanii adda baasuun ibsuu;

- Dhamjechoota hirkatoon kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan ilaalchisee walsimannaan kitaaba barattootaa,qajeelchi barsiisotaafi silabasiin barnootaa maal akka fakkaatan ibsuudha.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Dhamjechootni caasaalee afaanii keessaa isa tokkoofi isa baay'ee barbaachisaa ta'edha.Dhamjechoonni barnoota afaanii keessattis ta'e barnoota biroo keessattillee gahee guddaa taphata. Milkaa'ina adeemsa baruu-barsiisuu barnoota Afaan Oromoo keessattimmoo akkaataa dhiyaannaa dhamjecha hirkataa Afaan Orommoo beekuun barbaachisaadha. Sababiin isaas akkaataa dhiyaannaa dhamjechoota hirkataa beekuun dhamjechoota sirriitti hubachuuf barattoota gargaara waanta'eef.Qorannoon kunis, barbaachisummaa dhiyaannaa dhamjecha hirkataa Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi11ffaa bara 2005 qophaa'an keessatti dhiyaataniif hojiirra oolmaa qabiyyichaatiif hanqinaalee mul'ataniif yaada furmaataa kaa'eera.Yaada furmaataa kaa'ame kanarratti hundaa'uunis :

1. Sirna barnootaa keessatti qophiilee kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaalee Kanneenii fooyya'anii akka dhiyaataniifi hamma kitaabileen kunniin fooyya'anittillee barsiisonni carraa waraqaa qorannoo kana dubbisuu argatan hanqinaalee mul'atan kana kallattii qorannoo kanaatiin fooyyeessanii barattootaaf hubannoo akka uuman, akkasumallee barattoonni itti fayyadamanii hubannoo sirrii akka argataniif gargaara.
2. Namoota Mata duree kanarraatti qorannoo gad-fageenyaan adeemsisuu barbaadaniif akka ka'umsaatti kallattii kennuun ni gargaara.
3. Kitaabilee barnoota afaanii gara fuula duraatti qophaa'an keessatti akkaataa itti dhamjechoonni hirkatoon dhiyaachuu qaban irratti xiyyeeffennoon akka jiraatu ni taasisa.
4. Namoota kitaaba barattootaa, qajeelcha barsiisotaafi silabasii barnootichaa sadarkaa kanaa qopheessan akka irra deebi'anii ilaalaniif isaan gargaara.
5. Namoota gara fuula duraatti kitaabilee Afaan Oromoo caasluga ofkeessaa qaban qopheessaniif akka ragaatti nigargaara.
6. Guddina Afaan Oromootiif gumaacha mataasaa niqabaata.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan inni daanga'e, kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa bara 2005 qophaa'an irratti ta'ee, qabiyyee kitaabilee kanneenii keessaa, qaacceessaa dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo irrattidha. Kunis, adeemsa baruu-barsiisuun walqabatee milkaa'ina sagantaa barnootaa keessatti haala maaliin akka dhiyaate hubachuuf immoo, kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa10ffaafi 11ffaaqaacceessuu irrattidha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana adeemsisuu keessatti hanqinaalee hedduun mudataniiru.Isaan keessaa inni jalqabaa, hanqina yerooti. Qorataan hojii baruu-barsiisuu otoo geggeessuu waan adeemsiseef baay'ina hojiirraa kan ka'e,haqina yeroo guddaan isa mudateera.Kana jechuun akka barbaadetti bilisa ta'ee qorannicha qofaaf bakka kennee hojjachuun, kitaabilee wabii adda addaa yeroo adda addaa mana dubbisaatti deddeebi'ee dubbisuun qorannoo kana hojjechuu keessatti hanqinni yeroo mudata baay'ee ulfaataa ture. Lammaffaa, qorataan qorannoo kana baajanni ittiin adeemsisu gahaan waan hin ramadamneef, haala barbaachisaa ta'een socho'ee kitaabilee wabii adda addaa deddeebi'ee dubbisuufi meeshaalee barreessaa adda addaa guuttachuu keessatti rakkoo guddaan isa mudateera. Haata'u malee, qabxiileen armaan olitti tarreeffaman kunneen qorannoon kun akkaataa barbaadameen akka hingeggeeffamne danqaa ta'anillee rakkoo yeroon walqabatu bifa hojiin hin miidhamneen hogganaa isaa waliin ta'uun haala mijeeffachuun guyyoota Sanbataafi Dilbataa dabalatee hojjechuuniifi gama baajataanis baasii xiqqeessuuf meeshaalee barreessaa tokko tokko mana barumsaafi waajjira barnootaa waliin hariiroo gaarii uummachuun deeggarsa argachuun qorataan humna isaa cuunfee hojjechuun toftaa mataa isaa gargaaramee keessa bahuu danda'eera.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamee kan geggeeffame yoo ta'u,boqonnaa 1ffaa keessatti:seen-duubee qorannichaa,ka'umsa qorannichaa,kaayyoo qorannichaa (kaayyoo gooroofi gooree),faayidaa qorannichaa,daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaa jechuun tokko tokkoon isaanii ibsa waliin dhiyaataniiru.Boqonnaa lama keessattis sakattaa barruu keessatti:Yaaxxinaqorannichaa,maalummaa dhamjechaa,akaakuuwwan dhamjechootaa,tajaajila dhamjechootaa,dhiyaannaa dhamjechootaa, ulaagaalee filannoo kitaaba barnootaa gaarii,ulaagaalee madaallii kitaaba barnoota afaanii, barbaachisummaa

dhiyaannaa dhamjecha hirkataa kitaaba barnoota afaanii keessatti,walqabatiinsa dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo dalgeefi oleefi sakatta’a barruu walfakkii bal’inaan dhiyaataniiru.Boqonnaa sadii keessatti mala qorannoo jechuunis:saxaxa qorannoo, madda ragaalee,mala filannoo iddattoofi meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanameefi mala qindaa’inaafi qaaccessa ragaalee jechuun dhiyaataniiru.Boqonnaa afur keessattis qaaccessiifi xiinxalli ragaaleefi boqonnaa shan keessattimmoo gudunfaafi yaboon qorannichaa dhiyaateera.

# BOQONNAA LAMA:SAKATTA’A BARRUU

## 2.1. Yaaxxina Qorannichaa

Boqonnaa kana keessatti yaaxxinoota qorannichaa, maalummaa dhamjecha hirkataa,dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo:unkaan,tajaajilaan,bakka galumsaafi qabiyyeen haala kamiin kitaabilee barnoota afaanii keessatti dhiyaachuu akka qabaniifi keessattuu kitaabilee barnootaAfaan Oromoo keessatti haala akkamiin dhiyaachuu akka qaban yaada hayyootaan deeggaramuun dhiyaataniiru. Yaaxxinni qorannoo kanaas akaakuuwwawwan dhamjechootaa irratti kan xiyyeeffatu-yaaxxina caaseffamaa, tajaajila dhamjechootaa irratti kan xiyyeeffatu-yaaxxina tajaajilaafi haala dhiyaannaa irratti kan xiyyeeffatu- yaaxxina dhiyaannaa ofkeessattikan hammatedha.Kanaaf qorannoon kunis dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa keessatti kallattiiwwaan yaaxxinoota eeramaniikanneen irratti waan xiyyeeffatuuf yaaxxinoota kanneenitti dhimma baheera.

## 2.2.Maalummaa dhamjechaa

Dhamjechi qaama xiqqaa afaanii odeeffannoo tajaajila seerlugaafi hiikaa baatudha jechuudha.

O.Grady(1996:112),’’Morpheme is the smallest unit of language that carries information about meaning and grammatical function,’’jedha.

Hornby(2005:993),’’Morpheme is the the smallest unit of meaning that aword can be divided into one or different meaningful forms.Kana jechuunis dhamjechi qaama xiqqaa jechoonni bakka adda addaatti qoqqoodamuun argamudha.

Dhamjechi qaama xiqqaa afaanii ofdanda’ee dhaabbachuun hiika tokko qofa kennuufi hirkateemmoo tajaajila seerlugaa adda addaa agarsiisuuf oolu, akkasumas hiika jijjiiruu danda’udha.Hockette(1970:123),’’Morphemes are the smallest individually meaningfull elements in the utterance of the language,’’jedha.Kana jechuun dhamjechi caasaa xiqqaa afaanii jechoota afaanichaa keessatti argamuun hiika laachuu danda’u jechuudha. Filee(2015:73),’’Dhamjechi,jecha yookaan qaama jecha tokkoo ta’ee,hiika tokko qofaa kan qabu ,caasaa afaanii keessatti murteessummaa olaanaa kan qabudha.’’jedha.Dham jechi

caasaa afaan tokko keessatti unka xiqqaa hiika qabu,kan unkawwan xixiqqaa birootti caccabuu hin dandeenye ta’uu beektonno hedduun ibsaniiru.Isaanis dhamjecha dhaabbataa(walabaa)fi dhamjecha hirkataa jedhamuun bakka gurguddaa lamatti kan qoodamaniifi dhamjechi walabaa jecha ofdanda’ee dhaabbachuun hiika tokko qofa qabu yoo ta’u,dhamjechi hirkataan immoo jechaykn dhamjecha walabaatti hirkachuun hiika kan dabalan ykn kan jijjiiran jechuudha.(Crystal,1987).As keessatti hiika kandabalan yeroo jedhamu hiika ykn garee jecha tokkoo otoo hinjijjiiriin tajaajila seerlugaaf kan maxxanan yoo ta’u,kan hiika jijjiiran immoo hiika ykn garee jechichaa kanjijjiiran jechuudha.

Dhamjechi hiika kan qabuufi kan hinqabne caasaa xiqqaa afaaniiti. Kana jechuun dhamjechoota hiika qabeessa ta’an birootti qoodamuu waan hindandeenyeef, dhamjechoota walabaafi hirkatoo jechuun bakka lamatti qoodamu jetti, (Maartaa,2006:7). Yaada kana keessatti dhamjechoonni hirkatoon qofaatti adda ba’anii hiika yoo dhaban, jecha sana keessatti hiika waan kennaniif, hiikni isaanii tajaajila jechicha keessatti qaban irratti hundaa’a jechuudha.

Jechoonni Afaan Oromos tooftaa garaa garaatiin uumamuufi tajaajila garaagaraatiif horuun kuusaa jechoota afaanichaa gabbisu.Kunimmoo guddina afaanichaa keessatti gahee ol’aanaa qaba. (Stern,1983; Lyons,1981; Matthews,1991; Katamba, 1993).

## 2.3.Akaakuwwan Dhamjechootaa

Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni bakka garaagaratti qoodamuu: Unkaan,tajaajilaanii, bakka galumsaafi qabiyyeen jedhamuun gosa garaagaraatti ramadamu. Haaluma kanaan unka isaanirratti hundaa’uun dhamjecha walabaafi (free morpheme)dhamjecha hirkataa (bound morpheme)jechuun bakka gurguddaa lamatti qoodeera.(Haspelmath,2002). Dhamjechoonni kunis qooddiiwwan gooree garaagaraa ofjalaa qabu. Kanatti aansuun xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta’e dhamjechoota hirkatootu dhiyaata.

## 2.4.Dhamjecha Hirkataa(bound morpheme)

Dhamjechoonni hirkatoon of danda’anii hiika kan hinlaanneedha. Haata’u malee, dhamjechoonni kun, jecha yookaan hundee jechaa irratti fufamuun, hiika jechaa dabaluufi garee jechaa jijjiiruun jechoota haaraa uumuu keessatti ga’ee qabu. Kana jechuun

dhamjechoonni hirkatoon of danda’anii hiika haadhaban malee, hormaataafi uumama jechootaa keessatti baay’ee murteessoodha.

Dhamjechi hirkataan dhamjechoota ofii isaanii ofdanda’anii dhaabbachuu hindandeenyeefi jechoota ykn dhamjecha walabaatti maxxanuun bu’uura tajaajilaatiin kanneen caasluga agarsiisaniifi hiika jechaa jijjiiran jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Dhamjechoonni caasluga agarsiisan kanneen garee jechaa osoo hinjijjiiriin tajaajila caaslugaa qofaa agarsiisan dhamjechoota hortee yemmuu ta’an ,fakkeenyaaf:

jabbii-jabbilee,nama-namoota,hoolaa-hoolota,sa’a- saawwan…yoo ilaalle dhamjechoonni’’-lee,-oota,-ota,-wwan’’ hunduu danoomsuuf kan galan malee garee jechoota sanaa hin jijjiirre.

warreen garee jechaa jijjiiiran ammoo qaama jechaatti fufamuun hiika jechaa kanneen jijjiiran immoo uumamtee(yaasaa)kan jedhamanidha. Fkn ijoollee-ijoollummaa,diimaa-diimina,diimaa-diimate, … jechoota kanneen keessatti dhamjechoota hirkatoo ‘’ -ummaa,,-ina,-ate,’’ yoo fudhannee ilaalle garee jecha itti maxxananii jijjiiranii mul’atu.

”Bound morphemes are those which cannot normally stand alone, but which are typically attached to another form”(Yule,1996).Akaakuun dhamjechoota kanneenii Afaan Oromoo keessatti qabiyyee isaanii irratti hundaa’uun hunde hirkataafi dhamjecha jechuun bakka lamatti qooduun nidanda’ama (Abarraafi Kaawwan, 1998).

### 2.5.Gosoota Dhamjechootaa Hirkatoo

Dhamjechoota hirkatoo tajaajila isaanii irratti hundaa’uun dhamjechoota Horteefi Uumamtee/yaasaa/ jedhamuun bakka lamatti qoodamu(Haspelmath:2002)

#### 2.5.1.Dhamjechoota Hortee

Dhamjechoonni hortee dhamjechoota tajaajila seerlugaatiif garee jechoota adda addaatti maxxananidha,(Mitikkuufi Tashoomee,1992:28-31)

Faayidaa dhamjechoonni kunniin caasaa barnoota Afaan Oromoo keessatti qaban hedduudha.Harmer(1987:10)It is clear that when we introduce a new piece of grammar we must teach not only the form,but also one of its function’’jedha.Kana jechuun caasaa haaraa

tokko yemmuu jennu kan barsiifamuu qabu unka qofaa osoo hinta’iin ,tajaajila hiikaa unki afaanii sun qabudha jechuudha.

Jechoonni afaan tokkoo adeemsa hormaataatiin caasluga afaan tokkoo agarsiisu.Adeemsa hormaata kana keessatti jechoonni afaanichaa dhamjechoota adda addaa maxxanfachuudhaan ykn sagalee jecha muraasaa irra dedddeebi’uudhaan caasluga afaaniichaa mul’isu. Isaanis, looga, lakkoofsa, maqlaalee (maayii), koorniyaa maqaalee, maqibsii,koorniyaa, ramaddii, hennaafi gochimarratti, murteessituufi kkf mul’isan fakkeenya waliin bifa keeyyataan akka itti aanutti ibsamaniiru. (Crystal,1987; Mitikkuufi Tashoomaa, 1992;  Gabbaroo, 2007).

**Looga Mul’isa**:Dhamjechoonni Afaan Oromoo garaagarummaa loogaa adda basee mul’isa.Misgaanuu(2012:124)’’Loogni Afaan Oromoo akkuma sadarkaa sagaleefi jechaa irratti argamu sadarkaa latii irrattis ni argama.Fakkeenyaaf loogawwan heddummina agarsiisan :gaaffilee-gaaffiiwwan,fardeen-faradoo,manoota-manneen,kitaabota-kitaabileefi kanneen abbaa qabeenyummaa agarsiisan(possessiveness):Tolaaf-Tolaadhaaf,koo-kiyya,kan ishee-kan isii kan jedhaniifi kanneen kana fakkaatanidha,’’jedha.

**Lakkoofsa:-** Lakkoofsi danummaa ykn qeenxummaa waan tokkoo agarsiisa. Kunis Afaan Oromoo keessatti maqaa, bamaqaa, maqibsiifi gochimarratti mul’achuu danda’a.

Maqaan jecha nama, iddoo, yaada, waan tokkoof kkf bakka bu’a. Maqaan nama, iddoo, yaada waan tokkoo qofa yommuu agarsiisu maqaa qeenxee jedhama.Yommuu tokkoo olagarsiisu garuu maqaa danuu jedhama. Afaan Oromoo keesatti qeenxummaan dhamjecha maxxanfachuu hin mul’atu. Danummaan garuu dhamjechoota adda addaatiin mul’atu.Kanneen keessaa kan bal’inaan fayyadan :jabb -oota,fard -een,kitaab -ilee, ogee -yyii,saa -wwan, jaars -oliifi kkfdha.

Akkuma armaan olitti tarreeffaman dhamjechoonni sarara xiqqaan hundee jechootaa irraa adda bahanii mul’atan kunneen maqaaleetti maxxanuudhaan danoomsu. Kanajechuun,garuu yeroo maraa danummaan maqaa dhamjecha maxxanfachuu qofaan mul’ata jechuu keenya miti.Yeroo tokko tokko maqaan dhamjecha osoo hin maxxanfatin qeenxummaafi danummaa kan agarsiisan jiru.Fakkeenyaaf jechoota: aadaa, uummata,loon,… jedhaman yoo fudhanne qeenxeefis ta’e,danuuf ni tajaajilu. Bamaqaan jecha maqaa bakka bu’uudhaan tajaajlu ta’ee akka maqaa dhamjecha maxxanfachuudhaan danummaa kan agarsiisu osoo hin taane maqaa

qeenxee bakka bu’uufi danuu bakka bu’u gosa adda  addaa qaba. Fkn Bamaqaan danuu bakka bu’uun beekamu. Kana jechuun bamaqaaleen dhamjecha maxxanfachuudhaan kan danooman otoo hintaane ofuma isaaniitiin qeenxeefi danuutti ramadamuun tajaailu jechuudha. Fakkeenyaaf bamaqaaleen danooma agarsiisan: nu’i,isin,isaan yommuu ta’an ; kanneen qeenxee bakka bu’an  ana,si’i,ishii/isii,isa warreen jedhamaniidha.

Qabxii biraan, danummaafi qeenxummaa keessatti mul’atu immoo maqibsiidha.Maqibsiin karaa lamaan danummaafi qeenxummaa agarsiisuu danda’u.Isaanis, irra deddeebiifi maxxanfachuudhaan ta’a jechuudha.Afaan Oromoo keessatti irra deddeebiin bal’inaan mul’ata.Fkn adii, adaadii; diimaa, diddiimaa. Akkasumas,maqibsiin tokko tokko dhamjecha adda addaa maxxanfachuudhaan danummaa agarsiisu. Fkn hiyyeessa ,hiyyeeyyii; dureessa, dureeyyii; dabeessa, dabeeyyii. Kanaafuu, Afaan Oromoo keessatti maqibsiin adeemsa irra deddeebiifi maxxanfachuutiin danummaa agarsiisa.

Qabxiin dhumaa lakkoofsa agarsiisuun kanbeekamu gochima(xumura) . Gochima matima waliin galu keessa  dhamjechi danummaa agarsiisu ni jira.Fkn.gochimaʻ̉ dhuf -anʽʽ jedhu kan matmni isaaʻ̉ isaan ʽʽjedhu agarsiisa. Dhamjechi’’-anʽʽ jedhu gochima waliin yeroo galtu bamaqaa ramaddii sadaffaa keessatti danummaa matimaa agarsiisuuf gala jechuudha.

Walumaa galatti jechoonni garee adda addaa Afaan Oromoo haala adda addaatiin caasluga lakkoofsa agarsiiu.Maqaaleen Afaan Oromoo dhamjechoota hin maxxanfatin danummaa agarsiisan kan jiran ta’uufi bamaqaaleen dhamjecha maxxanfachuudhaan osoo hin ta’in ofuma isaanii danummaa kan agarsiisan ta’uu hubanna. Maqibsii keessattis sagaleelee jalqaba maqibsii qeenxeerratti argaman irra deddeebi’uudhaan ykn dhamjechoota adda addaa maxxanfachuudhaan danummaa agarsiisu.Gochimni dhamjecha maxxanfachuudhaan walta’iinsa matimaafi gochimaa agarsiisa.(Mitikkuufi Tashoomaa, 1992).

**Maqlaalee (maayii):-** Maqlaalee jechuun tajaajila maqaan hima keessatti kennu kan ilaalu jechuudha.Hima keessatti maqaan akka matimaatti galee tajaajiluu danda’a. Matimni kan gocha tokko raaawwatuudha. Karaa biraammoo maqaa waa’eensaa himamuudha.Maqaan yemmuu matima ta’ee hima keessatti galu dhamjecha matima ta’uusaa mul’isu maxxanfata. Dhamjechoonni maqaatti maxxanuudhaan matima agarsisan ‘’-niʽʽ,ʽʽ-nʽʽ,ʽʽ-tiʽʽ „-iʽʽfi dhamjecha dhokataadha.

Dhamjechoonni matima agarsiisan sadeen –ni,-ti,-i maqaalee dubbachiisaa gabaabaadhaan xumuraman irratti maxxanuudhaan kan fayyadan yemmuu ta'an ;‟- ni‟bal'inaan mul'ata.

Fkn Namnidhufe. Kana jechuun ''-ni‟iddoo hundattuu galuu ni danda'a jechuudha. Garuu,

''-ti''fi ''-i‟n akka filannootti galu. Fkn Lukni/Lukti/Lukisaa cabe.Akkasumas , dhamjechi

''- n''n maqaalee dubbachiisaa dheeraa qaban waliin galuun matima agarsiisa.Fakkeenya:hoolaa-hoolaan

Kana malees, maqlaaleen hima keessatti, irraawwatama sirrii, irraawwatama dagaleefi abbooma agarsiisuun tajaajiluu danda,u.

Walumaa galatti maqlaaleen matima,irraawwatama sirrii, irraawwatama dagaleefi abboomatti qoodamuudhaan ilaalamuu danda'u. Matimni kan hojii tokko raawwatuudha. Fkn Boonaan hoolaa qale. Hima armaan olii keessatti kan gurraachaffame matima yommuu ta'u, gochima kan raawwate eenyu akka ta'e ibsa. Irraawwatamni sirriin kan gochi tokko irratti raawwatu'dha. Fkn Caaltuun **Adaamaa** deemte jedhu keessatti kan gurrraacheffame kan gochi irratti raawwatame ibsa. Irraawwatamni dagaleen hojiin tokko eenyuuf, maaliif, eenyuttiykn eenyurraa akka raawwatame kan agarsiisudha.

Fkn:1.Tolaan re'eef/re'eedhaan/re'eedhaaf baala kenne.Hima kana keessatti kan gurraacheffame gochi raawwatame eenyuuf akka ta'e ibsa. Abboommiin immoo qabeenyi/wanti tokko kan eenyuu akka ta'e kan agarsiisudha.

Fkn:2. kitaabni kun **kan** Lalisaati. Kan gurraacheffame kitaabichi kan Lalisaata'uu agarsiisa.

Maqaan matima ta'ee yemmuu hima keessatti galu matima ta'uusaa dhamjechoota adda addaa maxxanfachuudhaan agarsiisa. Akkasumas,Irraawwatamni dagalee dhamjechoota maqaa irratti maxxanfamaniin mul'ata. Abboommi immoo dhamjechá‟kan‟jedhu maqaa ykn bamaqaa waliin yommuu galu mul'ata. Dhamjechi abboommii ''kaň‟jedhu kun bamaqaalee ramaddii sadaffaa waliin dirqamatti hiriira.

Fkn: kitaabni kun**kan** ishiiti. **kan**isaati,**kan** isaaniiti.Hima kana keessatti jechi ''kaň‟ jedhu yoo keessaa hafe himichi fudhatama dhaba. Kun immoo bamaqaalee ramaddii 3ffaa keessatti

dhamjechi abboommi agarsiisu galuun dirqama ta’uu mirkaneessa.Bamaqaalee ramaddii 1ffaafi 2ffaa keessatti garuu akka filannootti gala.

Fkn:1.kitaabni kun kiyya/kitaabni kun **kan** kiyya.2.Kitaabni kun keeti/kitaabni kun **kan** keeti.3.Kitaabni kun Keessani/kitaabni kun **kan** keessani. Kanaaf akka fakkeenya kennamerraa hubachuun danda’amutti bamaqaalee ramaddii 1ffaafi 2ffaa keessatti dhamjechi abboommii agarsiisu akka filannootti galuun tajaajila jechuudha.

**Koorniyaa**:- Caasluga Afaan Oromoo keessatti koorniyaan jechoota garee adda addaa irrtti mul’achuu ni danda’a.Fkn:maqaarratti=nyaataa-nyaattuu,beekaa-beektuu

Dhamjechoonni -aa ykn -tuu jedhaman yoo fudhanne’’ -aa’’n koorniyaa dhiiraa agarsiisa;

’’ -tuu’’n maqaa nyaattuujedhu keessaa immoo koorniyaa dhalaa agarsiisa.

Bamaqaa kessatti koorniyaan ramaddii sadaffaa qeenxee qofa keessatti mul’ata.Innis ‘’ishii’’ fi ‘’isa’’ kanneen jedhaman keessatti jechuudha. Korniyaan bamaqaalee kanneen irratti kan mul’atan dhamjecha maxxanfachuun osoo hin ta’iin bamaqaaleedhuma kanneentu koorniyaaf dhaabbatu.

**Koorniyaa maqibsii irratti**:- koorniyaan maqibsii irratti bal’inaan mul’ata. Amma ammaatti dhamjechoonni saala dhiiraa agarsiisan:

Fkn: dheertuu-dheeraa{-aa},{gurraattii-gurraacha{-cha}fi hiyyeettii-hiyyeessa{-ssa}yoo ta’an, Kan saala dubartii agarsiisan immoo fkn: furdaa-furdoo{-oo}gurraacha-gurraattii{ -ttii}, hiyyeessa- hiyyeettii{ttii}, dheeraa-dheertuu{-tuu} fa’i.

**Koorniyaa, ramaddii fi hennaa gochima irratti**:- Afaan Oromoo keessatti koorniyaan gochima irratti ni mul’ata. Jechi koorniyaan gochima keessatti agarsiisu ramaddiiwwan hunda keessatti ni mul’ata.

Fkn Ani deem-e Ati deem-t-e Inni deem-e

Isheen deem-t-e Nuti deem-n-e Isin deem-t-an Isaan deem-an

Gochimoota kanneen keessatti’’ -t-‘’,n “isheen deemte”keessa jiruufi’’ -t-‘’,n “Ati deemtee fi isin deemtan” jedhu keessaa jiru garaagarummaa qaba.’’-t-‘’,n hima isheen deemte jedhu

keessa jiru saala dhalaa agarsiisa.’’-t-‘’,n himoota “ati deemteefi isin deemtan” jedhu keessa jiru garuu ramaddii lammaffaa agarsiisa.Dhamjechi’’ -t-‘’,n saala dhalaa agarsiisu kuniifii dhamjechi ‘’t‘’,n ramaddii lamaffaa agarsiisu unkaan wal fakkaatullee tajaajilaan adda addadha.

Dhamjechoonni unkaan wal fakkaatanii tajaajila kennaniin gargar ta’an kunniin dhamjechoota unk-tokkee (homophones) jedhamuun beekamu. Dhamjechoonni kunniin gama hennaatiinis yoo ilaalaman gocha yeroo darbee agarsiisu. Akka fakkeenya kenname irraa hubachuun danda’amutti ramaddii tokkoffaafi sadaffaa qeenxeen saalaan unka tokko qabu. Fkn: ani deeme{-e},nuyi deemne{-e},isheen deemte{-e},inni deeme{-e} yoo ilaalle dhamjechi{-e}n bakka hundattuu haala walfakkaatuun henna mul’isti jechuudha. Walumaagalatti, dhamjechoonni koorniyaa  agarsiisan kunniin ramaddiifi hennaas ni agarsiisu.

**Murteessituu** (specifier):- Waa’ee wanta duraan eeramee tokkoo yemmuu dubbannu, murteessituutti fayyadamuudhaan waantichi kanaan dura eeramuu isaa ykn beekamuu isaa agarsiisna. Fkn waa’ee nama haaraa tokkoo yommuu dubbannu,’’namni tokko dhufee ture” namni kun yeroo lammaffaa yoo deebi’ee dhufe; waa’ee isaa yommuu dubbannu, “Namichi dhufee ture” jenna. Kana jechuunis, namichi dhufe yommuu jennu waa’ee nama kanaan dura eeramee ykn waa’ee nama murtaa’aa ta’ee tokkoo dubbanna. Dhaamjechi –icha‟ jedhamu kun waan murtaa’aa ta’e tokko waan mul’isuuf murteessituu jedhama.

Afaan Oromoo keessa dhamjechi murteessituu biraatis ni jira. Dhamjechi kunis ‘’-itti‟ dha. Fkn: intalli tokko dhuftee turte. Intalattiin gurraattiidha. Dhamjechi ‘’-ttii‟n kun waan xiqqoo ta’e tokko ykn tuffii mul’isuufis ni tajaajila. Waan kana ta’eef dhamjechi ‘’-ttiin‟ waan murtaawaa ta’eefi xiqqoo agarsiisuu ni danda’a.

Kanaafuu, Afaan Oromoo keessatti dhamjechi murteessituun bifa lamatu mul’ata.Isaanis

’’-icha fi -ttii’’ dha. Dhamjechi’’ -ttii’’,n xinnoo ykn tuffii agarsiisti; saalaan dhalaa ta’uus ni agarsiisti. Dhamjechi’’-icha’’ jedhummoo waan beekamaafi saalaan dhiira ykn immoo guddaa ta’uu agarsiisa.

**Hi'eentaa agarsiisu**: Hi'eentaa jechuun wanta tokko kan mormu ykn faallessu jechuudha.Dhamjechoonni jechootarratti maxxanuun hi'eentaa ni mul'isu.''Dhamjechoonni{al-,mit-}maqaa dura;{hin-}kan jedhummoo gocha dura galuudhaan faallaa yaada duraanii ibsu,''jedha(Filee,2015:140).

Ffn:<u>hin</u>deemu,<u>hin</u>dhufne,<u>al</u>idilee,<u>mit</u>mootummaa jechoota kanneen keessatti dhamjechoonni {hin-},{al-},mit-} jedhaman kunniin hi'eentaa mul'isuuf tajaajilti.

**Eeyyentaa:**eeyyentaa jechuun wanti tokko nita'a ykn nidanda'ama jechuudha.Dhamjechi kanaaf tajaajilus fkn:nideema,nidhufa{ni-}jedhu dhamjecha eeyyentaa mul'isudha jechuudha.

**Firjecha uumuu:**Firjecha jechuun dhamjechoota bifa adda addaa qabaatanii jecha tokkotti maxxanuun hiika tokko bakka bu'an (tajaajilatokkoofoolan)jechuudha.Finch(2005:100)''Allomorphesthe physical realization of morphemes'',jechuun ibsa.Fkn:hinbeeku-himbeeku,hinrafne-hirrafne kan jedhu keessatti {hin-fi,him-,hin-fi hir-}firjecha uumaniiru jechuudha.

**Hennaa Argisiisu-** Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni hennaa argisiisan gochimoota irratti fufamuun hennaa darbe, hennaa ammaafi hennaa dhufu ibsu. Kanaaf, dhamjechi hennaa darbe argisiistu dhamjecha {-e} yoo taatu, kunis, gochima muummeefi gargaartuu irratti galuu nidanadeessi. Fkn: deeme, gale, ture kan jedhan keessatti hundeen isaanii {deem-, gal-, tur-} kan jedhan yoo ta'an; hennaa darbe kan mul'istu {-e}dha. As keessatti "deeme" kan jedhu gochima muummee yoo ta'u, "ture" kan jedhu immoo gochima gargaartuudha. Fkn: Caalaan rafee ture, hima jedhu keessatti {-e}n gochima muummee ykn gargaartuu keessa jirtu haala raawwii gocha hennaa darbee ibsiti. Dhamjechoonni gochima muummee irratti fufamuun gocha hennaa ammaafi dhufu argisiisu.

Fakkeenyaaf:

nidhuga; kan jedhu keessatti {ni- ,-a}, nideemti; kan jedhu keessatti {ni- ,-i}, nigalan; kan jedhu keessatti {ni-, ( )}, dhamjechoonni jedhaman kunneen hennaa ammaafi dhufu kan mul'isaniidha. Hennaa dhufu keessatti immoo dhamjechoonni gocha raawwatamuuf deemuufi raawwatamuuf shakkisiisaa ta'e ibsu. Fakkeenyaaf: Inni deemuuf, gaalee jedhu

keessatti dhamjechi {-uuf} jedhu gocha raawwatamuuf deemu kan ibsu yoo ta’u;1. Inni nideema ta’a, {ni-…ta’a}, 2. Ani nan deema ta’a, {ta’a}; kan jedhan immoo gocha raawwatamuufshakkisiisaa ta’e ibsu, (Geetaachoo, 2009:86-90).

Kana malees, dhamjechoonni gochima muummeefi gargaartuu keessatti argaman waliin ta’uun haala raawwii murteessu.

Fakkeenyaaf:

1. Boonaan fiigaa oola; himni jedhu keessatti dhamjechoota {-aafi-a}n haala raawwii gocha fufiinsaan yeroo hunda raawwatamu ibsu.
2. Boonaan fiigaa oole; hima jedhu keessatti dhamjechoonni {-aa}fi {-e}n haala raawwii yeroo darbee keessatti gocha fufiinsaan raawwatamaa ture ibsu.
3. Boonaan fiigaa jira; hima jedhu keessatti dhamjechoonni {-aa}fi {-a}n yeroo ammaa kana gocha fufiinsaan raawwatamaa jiru ibsu, (Addunyaa, 2012:123). Kanaafuu, dhamjechoonni gochima muummeefi gargaartuu waliin ta'uun haala raawwii waan mul’isaniif adda ba’anii kitaaba barataa keessatti dhiyaachuu qabu.

### 2.5.2.Dhamjecha Uumamtee/Yaasaa/

Dhamjechi uumamtee dhamjecha jechaykn dhamjecha walabaa irratti maxxanuun hiika jechichaa ykn garee jechichaa jijjiirudha.Kana jechuun dhamjechoonni kunniin garee jechootaa gochima gara maqaatti,maqibsa gara maqaafigochimaatti,maqaa gara gochimaatti kan jijjiiranidha(Addunyaa,2011:62)Fkn: Gochima gara maqaatti=nyaate-ntaata{-a},barate-barataa{-aa}

Maqibsii gara maqaatti=diimaa-diimina{-ina}
Maqibsii gara gochimaatti=diimaa-diimate{-ate}
Maqaa gara gochimaatti=fiigicha-fiige{-e}

Walumaa galatti gosti dhamjechootaa kunniin dhamjechoota garee jechoota adda addaatti maxxanuun garee jechaa itti maxxanan sana jijjiiruun garee jechaa biraatti ceesisanidha.Askeessatti jecha haaraatu uumama jechuudha.

## 2.6.Akaakuu Dhamjechootaa Bakka Galumsaatiin

Dhamjechoonni Afaan tokko keessatti argaman bakka argama isaaniirratti hundaa'uun akaakuu garaagaraa qabaachuu danda'u.Bakki argama isaanii kunis,fufii duree, fufii boodaafi fufii naannee jechuun bakka sadiitti qoodamu. Dhamjechoonni kunniin dura,boodafi duraafi boodatti(aluma tokkichatti duraafi booda) jechootarratti maxxanuun tajaajila seerlugaaf kan oolaniifi hiika ykn garee jechaa jijjiiranidha(Matthews,1991;Haspelmaths,2002).

Dhamjechoonni kunneen isaan kam akka ta'aniifi amala akamii akka qaban haala itti aanuun ibsamaniiru.

### 2.6.1.Fufii Duree

Fufii dureen haaluma maqaa isaarraa hubachuun danda'amutti fuuldura jecha tokkootti maxxanee kan galuu ta'uusaati. Akaakuun dhamjecha kanaa Afaan Oromoo keessatti hiika jechaa jijjiiruu keessatti gahee guddaa qaba.

Fakkeenyaaf: **Al-**idilee **Al-**asoosama **Mit-**mootummaa **Wal-**qunnamti

Fakkeenya armaan olii keessatti dhamjechoonni gurraacheeffaman hundinuu dhamjechoota duraati. Afaan Oromoo keessatti dhamjechonni kunneen dhamjechoota boodaatiin walbira qabamanii yooilaalaman baay'ina hinqaban.Haata'u malee,akaakuun dhamjechoota kanaa jecha tokkotti maxxanuun hiika jechichaa jijjiiruu keessatti gahee ol'aanaa qabu.

Dhamjechoonni duraa {hin-,ni-,haa-, al-,mit-,wal-,fi kkf} fa'i. Warreen isaaniifi jecha itti maxxanan gidduu sarara xiqqaan galu dhamjechootaduraata'uu isaanii mul'isa(Haspelmaths,2002;Matthews,1991).

### 2.6.2.Fufii Boodaa

Akaakuun dhamjecha kanaa jecha tokkotti karaa boodaa maxxanuun tajaajila caaslugaafi hiika jechichaa jijjiiruu keessatti gahee qaba. Akaakuun dhamjecha kanaa Afaan Oromoo keessatti kanneen biraa wajjiin walbira qabamanii yoo ilaalaman baay'inaqabu (AbarraafiKaawwan,1998;Matthes,1991).

Fakkeenya, a)tursiisate tur-siis-at-e b)bitame bit-am-e c)namoota nam-oota

Fakeenya armaan olii keessatti kanneen gurraachefaman dhamjehoota boodaati. Dhamjechoonni kunniinis,jechootatti maxxananii galuun,tajaajila caaslugaafi jijjiirraa hiikatiif oolu.

### 2.6.3.Fufii Duraafi Boodaa(naannee)

Dhamjechoonni duraafi boodaa si'a tokkotti, jecha tokkotti maxxananii galuun,tajaajila tokkoof kan dhaabbataniidha.Akaakuun dhamjechoota kanaa Afaan Oromookeessattillee nimul'atu(Haspelmaths,2002; Matthews,1991;Addunyaa,2011;AbarraafiKaawwan,1998)

Fakkeenya, a) haadeemnu b) hinbaranne C) hingalle

Akkuma fakkeenya kanarraa hubatamu (a)jalatti {haa-}n dhamjecha duraa gochi tokko akka raawwatamuu qabu ibsu yoo ta'u,{-u}n ammoo,gochi hinraawwatamne gara fuulduraatti raawwatamuuf deemu mul'isti.Akkasumas,(b,c,)jalatti dhamjechoonni dhiyaatan dhamjecha duraa (hin-)jedhuufi(-e)jechuun dhiyaatan walta'uun gocha hinaawwatamne ta'uu mul'isa(AbarraafiKaawwan,1998).

## 2.7. Gosa Dhamjechootaa Bu'uura Qabiyyeetiin

Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni qabiyyee isaanii irratti hundaa'uun bakka lamatti qoodamu: Dhamjecha dhokataafi tajaajila tokkee jedhamu.

### 2.7.1.Dhamjecha Dhokataa(zero morpheme)

Dhamjechoonni gosti kanaa dhamjechoota qaamaan hin mul'anne ta'anii tajaajilaan garuu mul'atanidha(Addunyaa,2012:100). Fkn:jecha "nyaate" jedhu keessatti dhamjechi ramaddii 3ffaa saala dhiira mul'isu jechicha keessatti hin dhiyaanne. Garuu tajaajilaan nijira.Dhamjechoonni akkasi kunniin dhamjecha dhokatoo jedhamu.

### 2.7.2. Dhamjecha Tajaajila Tokkee

Dhamjechoonni tajaajila tokkeen dhamjechoota bifa adda addaa qabaachuun tajaajila tokkoof oolan jechuudha. Fkn: **al**idilee,**mit**mootummaa,**hin**ta'u kan jedhan yoo fudhanne dhamjechoonni gurraacha'an hunduu ta'uu dhiisuu(faallaa) ta'uu agarsiisu.Fakkeenya biraas yoo fudhanne, fkn:nam**oota**,hool**ota**,saa**wwan**,lag**een**,gaaffi**lee** kan jedhaman kana yoo

fudhanne,dhamjechoonni gurraacha'an hunduu bifa adda addaa haaqabaatan malee tajaajilli isaanii danooma agarsiisuuf kan oolanidha.(Misgaanuu,2012:125)

### 2.8.Dhiyyaannaa kitaabilee barnoota afaanii

Kitaabni barnoota afaanii yeroo qophaa'u, haala qabatamaa sadarkaa barattootaa giddugalleeffachuun murtaa'aa irraa gara dimshaashaatti ykn immoo dimshaasha irraa gara murtaa'aatti dhiyaachuu qophaa’uu qaba.

> *There are two main ways that we tend to teach grammar:deductively and inductively. Both deductive and inductive teaching have their pros and cons and which approach we use when can depend on a number of factors,such as the nature of the language being taught and the preferences of the teacher and learners (Harmer,1987).*

#### 2.8.1.Murtaa'aa irraa gara dimshaashaatti(inductive method)

Malli dhiyeenyaa Kunis adeemsa caasaan afaanii kitaaba keessatti ittiin qophaa’ee barsiifamu ta’ee, wanta murtaa’aa irraa eegaluun gara dimshaashaatti kan dhiyeessu ta’ee fakkeenya kennuun eegalee fakkeenyicharratti barattootaaf hubii erga uumee booda kanneen itti aananii dhiyaatan barattoonni fakkeenyicharratti hundaa’uun akka shaakalan kan taasisudha. Dursa kitaabicha keessatti ibsi fakkeenya gabaabaa waliin barattootaaf waan dhiyaatuuf fakkeenya kenname irratti hundaa’uun caasaa afaanichaa akka baratan taasisa.

Dhiyaannaa kana keessatti akkaataan qabiyyeen barnoota afaanii itti dhiyaachuu qabu otoo qabiyyee hindhiyeessiin dura fakkeenya kennuun jalqabuun itti aansuun immoo qabiyyee dhiyeessuun shaakalsiisuudha(Fireeman,2000:19).

> *Inductive reasoning is more of abottom-up approach, moving from the more specific to the more general, in which we make specific observations,detect patterns, formulatehypotheses and draw conclusions.An inductive approach involves the learners detecting, or noticing, patterns and working out a ‘rule’for themselves before they practice the language.An inductive approach(rule-discovery) starts with same examples from which arule is inferred.(Thornbury,1999).*

Yaada kanas yoo ilaalle malli dhiyeenyaa kuni akkuma dura ibsame qabiyyeen kan dhiyaatu waan salpha irraa ka’uun gara walxaxaatti yoo ta’u, dura qabiyyee dhiyaatu irratti fakkeenya

kennuun eegalee fakkeenyarratti hundaa’uun barattoonni akka shaakalan kan taasisu ta’uu ibsa.

### 2.8.2.Dimshaasha irraa gara murtaa.aatti(deductive method)

Malli dhiyeenyaa kunimmoo, kitaabicha keessatti dhiyaannaan qabiyyee barnootaa waa’ee matadurichaa irratti yaada dimshaashaa irraa ka’uun ibsa gahaa ta’e erga kenneen booda fakkeenyiifi gilgaalota dhiyeessuun akka barattoonni shaakalan ta’uun kan qophaa’udha. Egaa, barattoonnis ibsaan booda fakkeenyaafi gilgaala kitaabicha keessatti dhiyaate irratti hundaa’uun nishaakalu jechuudha(Tashoomaa,2005:216).

> *Deductive reasoning is essentially a top-down approach which moves from more general notion or theory, which we then narrow down to specific hypotheses, which are then tested.Adeductive methode (rule-driven)starts with the presentation of arule and is followed by examples from which the rule is applied (Thornbury,1999).*

Kunis kan ibsu malli dhiyaannaa kuni waan dimshaasha ta’e irraa eegaluun ibsa kennee booda gara boodaa irratti fakkeenyaan deeggaruun akka barattoonni baratan kan taasisudha jechuudha.

Walumaa galatti maloonni dhiyeenyaa kunniin lachuu kan isaan filataman afaan baratamurratti hundaa’uun(afaan dhalootaa,afaan lammaffaafi afaan alaa),sadarkaa barattootaafi muuxannoo barsiisataa giddu galeessa godhachuun ta’uu hayyuun kuni yeroo ibseera.Adeemsa baruu-barsiisuu afaanii keessatti galma ga’insa sagantaa barnoota afaan tokkootiif, dhiyaannan kitaaba barnootaa iddoo guddaa qaba. Kitaabni barattootaa gosa barnootaa tokko qofa qabatee,tooftaadhaan kan sadarkeeffamu,sadrkaa barnoota tokkootti itti fayyadamuuf kan qophaa’ufi sagantaa barnoota tokkoof meeshaa barnootaa isa ol’aanaadha. Kitaabni barattootaa qabiyyee mijaa’ina kan qabu,tooftaa dhiyaannaa baruu barsiisuu waliin sirriitti kandeemu,siritti qindaa’ee barattoota kan kakasuufi barsiisaan bal’isee dhiyeessuuf kan mijatu, akkasumas murtaa’aarraa gara dimshaashaatti ykn salphaa irraa gara walxaxaatti yoo ta’e gaarii ta'uusaa ibseera(Good,1973).Kana jechuun qabiyyeen dhiyaachuu kan qabu fakkeenyaan deeggaramuun kara barattootaaf galuu danda’uun wanta barattoonni salphaatti hubachuu danda’an irraa ka’uun gara isa walxaxaa ta’eetti deemuu qaba jechuudha.

Kana malees faayidaan mala dhiyeenya qabiyyee barnootaa kitaaba barattootaa keessatti qabu adeemsa baruu-barsiisuu keessatti akka kanaa gadiitti tarreessameera.

Barattoonni akka dandeettii isaanitti akka barataniif carraa kenna, barattoonni waan daree keessatti baratan irra deebi'anii akka sakatta'an dhiyeessa,Waan yaadatan mirkaneeffachuufi kkf tiif gargaara(Brown, et al,1989).

Walumaa galatti,kitaaba barattootaa qopheessuun xiyyeeffannoo kan gaafatuudha. Kitaabni barattootaa fedhii barattootaa kan kakasuufi dandeettii barattootaa kallattii bal'isuu danda'uun qophaa'uu qaba.

Gama biraatiin immoo, gaheen kitaaba barnootaa barsiisota muuxannoo hinqabneef haala isaan karoora baafatanii itti barsiisan qajeelchuuf kan gargaaru ta'uu qaba.

Kanamalees,kallatti baruu- barsiisuu sirriifi dalagaa barattoota si'eessuufi hirmaachisu ta'uu qaba, qabiyyeen barnootaas bifa walsimateen dhiyaachuu qaba(Richards,2001)

Kan sirriitti qindaa'e yoo ta'e qulqullina barnootaa agarsiisa.

Karaa biraan, kitaabileen barnootaa hanqinaalee adda addaa qabaachuu nidanda'u.

Akka haqina kitaabaatti ka'an keessaa: Qabiyyeewwan dhiyeessuu keessatti dogagora uumuu nidanda'a. Qabiyyee fedhii barattootaa ofitti hinharkisne ta'uu danda'a. Dandeettii barsiisotaa qabiyyee dhiyeessuu daangeessuu nidanda'a (Richards and Renandya,2002)

Kanaafuu,qabxilee haala dhiyaannaa dhamjechootaa kitaaba barnoota afaanii keessatti dhiyaatan qabiyyee dhamjechaa barsiisuu kessatti faayidaa mataa isanii niqabu jechuudha.

### 2.9.Ulaagaalee Filannoo Kitaaba Barnootaa Gaarii:

Richardsfi Renandyan (2002:65), kitaabni barnootaa gaariin ulaagaalee kanaa gadiitiin qophaa'uu qaba jedhu.

- Kitaabichi kaayyoo barnootichaa kan of keessatti hammateefi jiruufi jireenya barattootaa ilaalcha keessa kan galchu ta'uu qaba.
- Gilgaalaafi dalagaaleen adda addaa qabiyyee boqonnichaan walsimatee dhiyaachuu qaba.

- Kitaabichi kan hamilee barattootaa ijaaru ta’uu qaba.
- Kitaabni barataa hawwataa ta’uufi dogoggora maxxansaa irraa bilisa ta’uu qaba.
- Umurii, fedhiifi garaagarummaa dhuunfaa barattootaa giddugaleessa godhachuu qaba.

Kitaabni barnootaa beekumsa ykn seera afaanii kan ittiin dhalootaa dhalootatti dabarsaniifi hojiilee baruufi barsiisuu milkeessuu keessatti gahee guddaa kan qabaniidha.Yaanni kun kitaabni barnootaa karaa beekumsiifi seerri afaanii dhalootaa dhalootatti daddarbu, akkasumas hojiileen baruufi barsiisuu kan ittiin galma karoorfame gahu ta’uu isaa hubachiisa.

Kana malees qorataan biraa, kitaabni barnootaa tokko waan barataan barachufi irratti hirmaachuu barbaadu of keessatti haammachuu qaba,jechuun lafa kaa’a(Fikremariam,2007:44).Yaada hayyuu kanarraa kan hubatamu kitaabni barnootaa yemmuu qophaa’u fedhii barataa giddugaleessa godhachuu akka qabuufi silabasii barnootaa wajjin walsimatee qopaa’uu akka qabuudha.

Yaaduma kana cimsuun Richards and Rodgers (1986:81)”…Materials thus have the primary role of promoting communication language use.” jedhu.Kunis kan ibsu, kitaabileen barnootaa dandeettii waliigalteefi itti fayyadama afaanii baratootaa cimsuu keessatti gahee ol’aanaa akka qabuudha. Hayyoonni biroonis dhimma kana yeroo ibsan akkas jechuun kaa’u.’’ Kitaabni barnootaa gaariin ulaagaalee kanaa gadiitiin qophaa’uu qaba: Kitaabichi kaayyoo barnootichaa kan of keessatti hammateefi jiruufi jireenya barattootaa ilaalcha keessa kan galchu ta’uu qaba. Gilgaalaafi dalagaaleen adda addaa qabiyyee boqonnichaan walsimee dhiyaachuu qaba. Kitaabichi kan hamilee barattootaa ijaaru ta’uu qaba.

- Kitaabni barataa hawwataa ta’uufi dogoggora maxxansaa irraa bilisa ta’uu qaba.
- Umurii, fedhiifi garaagarummaa dhuunfaa barattootaa giddugaleessa godhachuun qophaa’uu qaba’’(Richards andRenandyan,2002:65).

Walitti qabaatti yaada hayyoota kanaarraa wanti hubatamu, kitaabni barnootaa hojii baruufi barsiisuu keessatti gahee ol’anaa akka taphatuufi kaayyoon barnoota afaaniis isa malee galma gahuu akka hindandeenye ibsu. Waan kana ta’eef kitaabni barnootaa tokko sirritti qophaa’ee kaayyoo barnoota afaanii akka galmaan gahuufi barattoota biratti akka fudhatama argatuuf

qabiyyeewwan achi keessatti dhiyaatan silabasii barnootaa wajjin walsimatee deemuu qaba.Qabiyyeewwan kitaaba tokko keessa jiran kan daanga'an, kaayyoo barnootichaafi barattoota giddugaleeffachuun galma gahuu kan danda'an ta'uu qabu. Kanaaf qabiyyeewwan sadarkaa sanaaf ni madaala jedamanii filataman tartiiba ittiin baratamuu danda'aniin qophaa'anii dhiyaachuu qabu( Richards and Renandyan, 2002:65).

Yaada kanarraa wanti hubatamu, kitaabni barnootaa tokko yemmuu qophaa'u,Kaayyoo barnootichaa kan of keessatti haammate,silabasifi qajeelcha barsiisaa wajjin kan walsimate, jiruufi jireenya barattootaa kan ilaalcha keessa galche, gilgaalonni, dalagaaleen adda addaa achi keessatti dhiyaatan qabiyyee boqonnichaa wajjin walsimatee dhiyaachuu akka qabuufi kan barattoota shaakalsiisaniifi madaalan ta'anii dhiyaachuu akka qaban hubanna.

Kitaabni barataa madda gilgaalota qabiyyeen adda addaa ittiin shakalamuufi ciicanni barataan qabiyyeewwan adda addaarratti argatu meeshaalee (kitaabilee) sirna barnotaatiin qophaa'u keessatti qindaa'uufi dhiyaachuun barbaachisaadha.Cunningsworth (1995); Richards and Rodgers (1986).

Haaluma kanaan qabiyyeen dandeettiiwwan afaanii kitaaba barnootaa keessatti dhiyaatan silabasii barnootatiin walsimachuun haaluma barbaachisummaa isaanitiin walduraa duuban qophaa'u akka qaban mul'isa. Kana jechuun kanneen silabasii irra jiran kitaaba barattootaafi qajeelcha barsiisotaarrattis dhiyaachuu qabu jechuudha.

Walumaagalatti qabiyyeewwan kitaaba barnootaa keessatti dhiyaatan haalli qindoomina dhiyaannaa isaanii salphaarraa gara cimaatti kan deemu ta'uu qaba. Mc Donough and Shaw(1993). Ulaagaalee kitaabni barnootaaf dhiyaatu tokko guutuu qaban ilaalchisee hayyoonni kunniin yoo ibsan: kitaabni barnootaa iftoominaafi daangaa qabaachuu akka qabuufi salphaa ta'ee dhiyaachuu akka qabu akkasumas kaayyoo silabasii wajjin walsimachuun dhiyaachuu akka qabu ibsu. Salphaa ta'ee dhiyaachuu qaba yeroo jedhamus haala barattootaaf galuu danda'uun dhiyaachuu qaba jechuudha.

Haala baruufi barsiisuu qabiyyee barnoota keessatti akkataa meeshaaleeniifi malleen qabiyyee barnootaa dhiyaatan ittiin galmaan gahan beekunis barbaachisaadha. Qabiyyeen afaan tokkoo yemmuu barnootaaf qophaa'u wantoonni xiyyeeffataman hedduudha. Kunis,

sadarkaa baratoonni irra jiran, umrii baratootaa faanaa deemuufi kaayyoo barnoonni sun baratamuuf beekuun barbaachisaadha. Mc.Donugh and Shaw (1993).

Gama biraatiin qabiyyeen dhiyaatu daangaa qabaachu akka qabus ni ibsu. Kunis caasaan baratamu daangaa tajaajila qabiyyee dhiyaatee kan ifa taasisu ta'uun barbaachisaadha. Kana malees qabiyyeen barnootaa kitaaba barataa keessa jiru iftoomina qabaachuu qaba Kunis caasaan afaanii haala dhiyeenya kamiinuu yemmuu qophaa'u ergaa dabarsuuf ifa ta'ee qabiyyeewwan biraa wajjin qindoominaan dhiyaachuu qaba. Akkasumas, dandeettiwwan afaanii kan akka: dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu ilaalchisee qindoominaafi tartiiba isaanii yoo ibsu(Richards ,2001:162)

"…any type of course content can be graded interms of difficulty and may be sequenced according to the order in which events occurs in the real world…"jedha.Akka ibsa hayyuu kanaatti qabiyyeen kamiyyuu haala ulfaatina sadarkaa isaatiin taa'uu qaba. Kunis salphaarraa gara ulfaataatti, waan beekamurraa gara waan hinbeekamneetti sadarkeessuufi tartiibessuun qophaa'uu akka qabu kaa'a. Karaa biraaqajeelchi barsiisotaasilabasii barnotaarratti hundaa'ee kan qophaa'u yoo ta'u, kan inni qophaa'uufis haala baruufi barsiisurratti barsiisotaaf ibsafi yaadannoo kennuudhaan barsiisonni kaayyoolee, qabiyyeewwaniifi maloota adda addaa eeraman muuxannoo isaanii, dandeettiifi beekumsa qaban fedhii barattoota isaanii waliin walsimsiisanii akka gargaaraman haala mijeessaf.Kanaaf immoo qajeelchi barsiisotaa qophaa'u tokko walsimannaa qabiyyee silabasiifi kitaaba barattootaa, akkasumas wayiitii barnootaa qabaachuu qaba. Kana malee maloonni baruufi barsiisuu, qabiyyee barnootaa faana walsimatee dhiyaachuu qaba. Malleen kunniin qabiyyee barnootichaa hojiitti hiikuufi kaayyoo barnootichaa kan galmaan gahan ta'uu qabu. Malleen baruufi barsiisuu kunniin bifa walsimateen meeshaalee sadan (silabasii, kitaaba barattootaafi qajeelcha barsiisotaa) keessatti dhiyaachuu qabu. Qabiyyeen qajeelcha barsiisotaa keessatti qophaa'u wayiitii barnootaa, malleen baruufi barsiisuu, meeshaalee deeggarsa barnootaa fi kkf.Wajjin walsimatee yoo hin qophoofne ta'e barsiisotarratti dhiibbaa geessisuu danda'a. Kana jechuun, barsisonni qabiyyee barattoota isaanii hubachisuu qaban otuu hin hubachiisin hafuu danda'u. Kanaaf immoo qabiyyeen barnootaafi wayiitiin barnootaa, malli baruufi barsiisuu, meeshaaleen deeggarsa barnotaa yoo walsimatanii dhiyaatan barsiisotaaf akka mijaawaa ta'u hayyuun Gettinger (1989:115) ni ibsa. Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubannu

qajeelchi barsiisotaa kaayyoo barnootaa bu'uura godhachuun kan qophaa'u, barsiisotaaf kan haala mijeessuufi tumsu ta'ee kaayyoo silabasii keessatti taa'e wajjin walsimatee qophaa'uu akka qabu hubachiisa.

**2.10. Walsimannaa Silabasii,Kitaaba Barataafi Qajeelcha Barsiisaaa**

Akka yaada Dublini and Olshtain (1986) ibsanitti, kitaabni barnootaa kan qophaa'uu qabu silabasii barnootaa bu'uura godhachuun akka ta'eedha kaa'u. Kanaaf kitaabni barnootaa yemmuu qophaa'u, kaayyoo, qabiyyee, gochawwan baruufi barsiisuu, madaallii, wayIitii barnootaafi meeshaalee deeggarsa barnootaa wajjin walsimachuu qabu. Kitaabni barnootaafi silabasii barnootaa dandeettiwwan barnootaa bifa walsimatuun qabatanii qophaa'uu qabu. Kana jechuun qabiyyeeniifi maloonni baruu-barsiisuu adda addaa silabasii irratti dhiyaatan bifuma walfakkaatuun kitaaba barattootaafi qajeelcha barsiisotaa irrattis dhiyaachuu qaba jechuudha.

Kana malees Richards (2001) haala walsimannaa silabasii barnootaafi kitaaba barnootaa yoo ibsu,"Hojiin dursaan haala baruufi barsiisuu silabasii barnootaa qopheessuudha. Sana booda kaayyoo silabasichaa bu'ureeffachuun meeshaalee baruufi barsiisuuf oolan qopheessanii barsiisotaafi barattoota wajjin hojiirra oolchuudha,"jedha.

Yaada kanarraa kan hubatamu silabasiin barnootaa kitaaba barnootaa dursee qophaa'a. Kitaabni barnootaa kaayyoo silabasii barnootaa bu'uura godhachuun walsimatee qophaa'a jechuudha. Meeshaaleen barnootaa kutaa murtaa'aa tokkoof dhiyaatan walsimanii walfaanaa deemuun barbaachisaadha.Akkuma beekamu meeshaaleen barnootaa kan isaan qophaa'aniif kayyoo tokko galmaan ga'uuf.Kaayyoo adda addaa qabatanii kan qophaa'an yoo ta'e kan kutaa tokkoof qophaa'an otuu hin taane kutaa adda addaatiif kan qophaa'an ta'u. Kana waan ta'eef waldeeggaruufi waltumsuu qabu. Kan kitaaba barattootaafi qajeelcha barsiissotaarra jiru kaayyoo silabasii wajjin deemuu qaba. Qabiyyeen tokko meeshaalee barnootaa isa tokko irra jiraatee kanneen biroo irra hinjiru yoo ta'e barnoota tokko iftoomina dhabsiisa.Darbees kaayyoo barnootichaa wajjin walitti dhufeenya dhaba. Kanaaf meeshaaleen barnootaa yemmuu qophaa'an walsimannaan jiraachuun barbaachisaa akka ta'e hayyoonni ni eeru.

Meeshaalee barnootaa keessatti bal'inni qabiyyeewwanii, malli baruufi barsisuufi meeshaaleen gargaarsa barnootaa waliin walsimatee dandeettiifi umrii barattootaa wajjin kan

deemu ta'uu qaba. Akkasumas kaayyoon barnootaa fedhii barattootaa wajjin wal simee deemuufi haala naannoo wajjin walsimuu, kana malees aadaa ummataafi jechoota safuu eeguu keessatti xiyyeeffannoon jiraachuu qaba. Dabalataanis afaan baratamu afaan waalta'aa, kan looga hundaaf ta'u haammatee qabiyyeen meeshaalee barnootaa walsimannaan dhiyaachuun barbaachisaadha. Kana jechuun qabiyyeen barnootaa qophaa'u tokko bal'inni qabiyyee, malli baruufi barsiisuu, umrii barattootaa, kaayyoon barnootichaa, haalli naannoofi kkf walsimatee deemuun barbaachisaa akka ta'e hubanna.

## 2.11. Barbaachisummaa Dhiyaannaa Dhamjechoota Hirkatoo Kitaaba Barnoota Afaanii Keessatti

Dhamjechoonni barnoota afaanii keessatti dhiyaachuun faayidaa guddaa qaba. Sababni isaas wantoonni barataman kamiyyuu hubatamuuf jechootatti dhimma bahuun dirqama.Yeroo jechootatti dhimma baanummoo dhamjechoota adda addaatu jechoota waliin ergaa adda addaa baatanii argamu.Dhamjechoonni kunniinis jechootatti maxxanuun dhaamsa(ergaa) dabarsu. Ergaa sana hubachuuf dursinee faayidaa dhamjecha sanii beekuun murteessaadha. Knaafuu qabiyyeen dhamjechootaa kitaabilee barnootaa keessatti dhiyaachuun baay'ee barbaachisaadha jechuudha.

Qabiyyeen afaanii tokkoo yemmuu barnootaaf wixineeffamu wantoota ilaalacha keessa galuu qaban: sadrkaa barattoonni irra jiran,qabiyyee barnootaa sadrkaa barattoonni irra jiran,akaakuu qabiyyee barnootaa dhiyaatu sana keessatti hammatamaniifi kaayyoo baratamuuf beekuun murteessaadha(McDonugh and Shaw,1993).

Afaan tokko dhalootaan beekuun,saayinsii afaanichaa beekuu waan hintaaneef,saayinsii afaan tokkoo hubachuuf immoo beekumsi caasluga afaanichaa sun barnootaan deeggaramuun dhiyaachuu qaba. Kanaafuu,dhiyaannan dhamjechoota hirkatoo barnoota afaan tokkoo kan adeemsa baruu-barsiisuu keessatti jechoota dubbii afaanichaa bu'uura godhatan taasisuun,galma ga'insa ijaarsa jechoota afaanichaa sagantaa barnootaaf qopheesuun barbaachisaadha.Afaan tokko beekuun ittiin walii galuun yoodanda'amellee,seera(caasluga afaanichaa) beekuu baannaan yeroo waliigaltee uumnu odeeffannoo kennuurrattis ta'e odeeffannoo fudhachuurratti dogoggora uummuu ni dandeenya.keessumattuu waliigaltee barreeffamaas ta'e kan dubbii afaanii yeroo baay'ee

ergaan hubannoo barbaadu kan argamu dhamjechoota keessattidha.kanaaf furmaanni isaammoo dhamjechoota sirriitti adda baasnee beekuun murteessaadha.Kanammoo kan barachuu dandeenyu dhamjechoonni saayinsii caaslugaa eeguun qophaa'anii yoo baratamanidha.Waan kana ta'eef dhamjechoonni kitaaba barattootaa irratti gadi fageenyaafi sirriitti qophaa'uun akka barattoonni caasluga gama kanaan jiruufi dhaamsa qabiyyee biroollee sirriitti hubachuu danda'aniif bal'inaan barachuu qabu. Barattoonni caaseffama seerlugaa yeroo tokko qofa barachuun waan hunda qabachuu hindanda’an.Dhamjechoonni kunis unkaan,tajaajilaan,bakka galumsaaniifi qabiyyeen adda bahanii qophaa'anii baratamuun baay'ee murteessaadha. Kanaafuu caaseffama isaanii yeroo tokkobarsiisuurra yeroo adda addaa kutaalee adda addaa keessatti irra deddeebi’uun barsiisuun hubannoo gahaa uumuuf gargaara(Mucia,1991:281).Yaada kanarraas wanti nuti hubannu qabiyyeen barnootaa tokko yeroo qophaa’u barattoonni irra deddeebiin shaakaluun hubannoo isaanii akka gabbifataniif altokko qofaa dhiyaachuu kan qabu otoo hintaane matadureewwaniifi kutaalee adda addaa keessatti irra deddeebiin bifa walsimateen dhiyaachuu akka qabu ta’uu hubanna.

### 2.12. Hariiroo Dalgeefi Olee Kitaabilee Barnoota Afaanii

Kitaabileen barnootaa yeroo qophaa’an kutaa walfakkaataa keessatti kitaabni barattootaa, qajeelchi barsiisotaafi silabasiin barnootaa hariiroo(walsimannaa)qabaachuu akka qabu beekamaadha.kana malees boqonnaafi boqonnaa jidduus hariiroon(walqabatinsi) jiraachuu akka qabudha. Meeshaalee barnootaa keessatti dhimmoonni akka qabiyyeewwanii,dandeettiifi umurii barattootaa haala naannoo, safuufi aadaa hawaasaa…yoo ta’an,kuni hunduu meeshaalee barnootaa kutaa sanaa hunda keessatti bifa walmadaaleen qophaa’uu qaba(Harmer,1991).

Hayyuun biraanis waa’ee hariiroo yeroo ibsu:

> *Integration is concerned with the linkages of information in order that student can develop aholistic overview of the curriculum. To achieve the balance in the curriculum, it is important to balance the discipline knowledge with other more generic skills as cognitive,affective and psycho-motor (Anderson,2001).*

Karaa biraa immoo qabiyyeen barnootaa yeroo qophaa’u kutaafi kutaa gidduu walitti hidhanni jiraachuun barachuu barattootaaf haala mijeessa waan ta’eef jiraachuu qaba. Kunimmoo hariiroo olee jedhamuun beekama.

Vertical integration is the continuity of the curriculum design. It provides the students with opportunities to revisit knowledge and skills in more depth as they progress through the year(Anderson,2001). Yaada kanas yoo ilaalle hariiroon olee walitti fufinsa qabaachuu meeshaalee barnootaa kan ibsuufi hariiroon olee kunimmoo barattootaaf carraa akka isaan barnoota darbe keessa deebi'anii yaadatan kan isaaniif kennuufi beekumsa isaanii gabbifachuuf kan isaan gargaaru ta'uu ibsa.

# BOQONNAA SADII :MALA QORANNICHAA

## 3.1.Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun qaacceessa dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa fi 11ffaa bara 2005 qophaa’an irratti kan xiyyeeffate ta’ee gosoota qorannoo keessaa **qorannoo ibsaatti** kan gargaarameefi ragaaleen qorannoo kanaaf walitti qabamanis mala qorannoo**akkamtaatti** gargaaramuun kan qaacceeffameedha. Sababni gosa qorannoo kanatti gargaarameef kaayyoon qorannichaa, dhiyaannaa qabiyyee dhamjecha kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa bara 2005 qophaa’an keessatti mul’atan adda baasee kan qaacceessuu waan ta’eefidha.Haaluma kanaan, hanqinaalee kanneen keessatti mul’atan adda baasee qaaccessuun dhiyeesseera. Qorannoon kun ammoo, yemmuu adeemsifame: maddoota ragaalee, malla filannoo iddattoo, malli qindaa’ina qorannichaa, meeshaalee odeeffannoon ittiin walitti qabameefi qaacceessa ragaalee jechuun ibsameera.

**3.2.Maddoota Ragaale**

Qorannoo kana adeemsiisuuf akka madda raga tokkoffaatti kan itti gargaarame kitaabilee barnoota Afaan Oromoo jechuunis:kitaaba barattootaa, qajeelcha barsiisotaafi silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa bara2005 qophaa’an yoo ta’u, akka madda odeeffannoo lammaffaattimmoo sakatta’a barruu walfakkiitti gargaarameera.

**3.3.Mala Filannoo Iddattoo**

Qorannichaaf oddeeffannoo barbaachisu argachuuf meeshaalee kallattiin dhimmicha waliin walitti dhufeenya qaban mala iddatteessuu mit-carraa keessaa iddatteessuu akkaayyootti gargaarame. Sababni qorataan mala kana filateefiis, hanqinaalee baruufi barsiisuu keessatti dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa bara 2005 qophaa’an keessatti mul’atan qaaccessuun, adda baasuufi yaada furmaataa kennuuf filatamaa jedhee waan yaadeefi.Kanneen filatamanis meeshaalee kallattiin walitti hidhata qaban kitaaba barattootaa, qajeelcha barsiisotaafi silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi11ffaati.

**3.4.Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaaname**

Qorannoo kana keessatti meeshaan odeeffannoon qorannichaaf barbaachisu kan funaaname sakattaa dokimeentoota yoo ta’u,dokumentoota dhimma kana waliin kallattumaan walitti hidhata qaban sakatta’uun(sakatta’a dookimentii) fayyadameera.

Qorataan qorannoo kanaaf  oddeeffannoo qabatamaa ta’e argachuuf meeshaalee ragaan ittiin funaaname sakatta’a dokimentiidhaan ta’ee, qaaccessaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa bara 2005 qophaa’aniidha. Kunis qaaccessa kitaaba barattootaa,qajeelcha barsiisotaafi silabasii barnootichaati.

Qorannoo kanaaf maddi odeeffannoo jalqabaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi11ffaa bara 2005 qophaa’anidha. Haaluma kanaan dhiyaannaa  dhamjechoota hirkatoo kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan ilaalchisee, ragaa funaanuuf jecha qorataan qaaccessa dhiyaannaa  dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barnoota Afaan Ormoo: kitaabilee barattootaa, qajeelcha barsiisotaafi silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaalee kanneenii akka meeshaa qorannootti itti fayyadameera. Kanumarratti ragaa barbaachisaa ta’an argachuuf immoo, qabxiilee mirkaneeffannaa qaaccessa kitaabilee, dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo agarsiisan ykn ilaallatan dursee qopheeffachuun qabxiilee mirkaneeffannaa qophaa’an hordofuun sakatta’a meeshaalee kanneenii geggeesseera. Gaaffiileen mirkaneeffannaa kallattii xiyyeeffannoo qaaccessa kitaabilee kanneeniif qophaa’anis akka itti aanutti qophaa’aniiru.

1. 1.Dhiyaannaan dhamjechoota hirkatoo kitaaba barattootaa,qajeelcha barsiisotaafi silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi11ffaa keessatti gosa gosaan adda bahee haala kamiin dhiyaatee jiraa?
2. 2.Dhamjechoonni hirkatoon kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti Unkaan qoqqoodamanii attamitti ibsamaniiruu?
3. Dhamjechoonni hirkatoon kitaabilee kanneen keessatti tajaajilaanadda bahanii ibsamuun haala kamiin dhiyaataniiruu?
4. Dhiyaannaan dhamjechootaa kun bakka galumsa isaaniitiin akkamitti ibsamee jira?
5. Qabiyyee irratti hundaa'uun dhamjechoonni hirkatoon haala kamiin qoodamanii dhiyaatanii jiru?

6. Dhiyaannaan dhamjechoota hirkatoo kuni kitaabilee keessatti boqonnaarra gara baqonnaatti,akkasumas kutaafi kutaa gidduu walqabatinsa(hariiroon dalgeefi olee maal maalirratti qabu)?
7. Kitaabilee kanneen keessatti dhiyaannaan dhamjechoota hirkatoo fakkeenyaafi ibsi kennamee jiru kan attamiiti?
8. Dhamjechoonni kuni kitaabilee kanneen keessatti kan dhiyaatanii jiran murtaa'aa irraa gara dimshaashaattimmoo dimshaasha irraa gara murtaa'aattidha?
9. Akka waliigalaatti kitaabileen kunniinyeroo qaacceffaman hanqinaaleen bira gahaman yoo jiraatan kan attamiiti?
10. Hanqinaaleen adda bahan yoo jiraatan furmaanni hanqina mul'atan kanaa maal ta'uu danda'a?

**3.5.Mala Qindaa'inaafi Qaaccessa Ragaalee**

Odeeffannoon qorannichaaf barbaachisu meeshaalee qorannichaaf mijata jedhamee filatame''Sakatta'a Dokumentii''tti gargaaramuun walitti qabamuunqindaa'eera.Kana jechuun meeshaalee kallattiidhaan mataduree qorannichaa waliin walitti hidhata qaban, kanneen akka kitaaba barattootaa,qajeelcha barsiisotaafi silabasii barnootaa kutaalee sanaa sakatta'uun kan argamedha jechuudha. Haallii qindaa'ina qorannoo kanaa immoo, adeemsa qorannoo ''Akkamtaa''/Quantitative/ hordofuun kan qaacceessamedha. Sababni adeemsa kana akka hordofu ta'eefiis haala ragaan ittiin funaanameefi argamerratti hundaa'uun ibsa yaadaa waliin kan walqabate waan ta'eef kanarratti hundaa'uun mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuun ragaa argame kana qaaccessuun dhiyeesseera.

Walumagalaatti, ragaan argame erga haala olitti ibsameen sakatta'amee qaacceefamee booda, bifa kaayyoo qorannoo kanaa milkeessuu danda'uun yaada hayyootaan deeggaramee taa'eera.Ragaalee qaacceffaman kanneen irratti hundaa'uunis argannoon isaanirraa argame ibsameera. Akkasumas, argannicha irrattii hundaa'uun ammoo yaada furmaataa ta'a jedhamee kan fudhatame dhumarratti dhiyaateera.

# BOQONNAA AFUR:QAACCEESSAA ODEEFFANNOO

## 4.1. Seensa

Odeeffannoo qorannoo kanaaf oolu funaannachuuf malli qorannoo akkamataa dhimma itti bahamee jira. Haala kana keessatti meeshaalee sakatta'a dokumentiifi sakatta'a barruu walfakkii gargaaramuun oddeeffannoon walitti qabamee dhiyaateera.Qaacceessa oddeeffannoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa (Kitaaba barattootaa, qajeelcha barsiisotaafi silabasii) barnoota Afaan Oromoo kutaalee kanneenii irraa gaaffiilee sakatta'insa dokumentiif qophaa'anitti gargaaramuuniifi sakatta'a barruu walfakkiitti fayyadamuun walitti qabamanis akka itti aanutti tokko tokkoon ibsi gahaan kennameeraaf. Xumura irrattis argannoo qaaccessa ragaalee irratti hundaa'uun boqonnaa shan keessatti yaadni furmaataa(yaboon) qorannichaa dhiyaateera.

## 4.2. Qaaccessa Odeeffannoo Dhiyaannaa Dhamjechoota Hirkatoo Kitaaba

Hojii qorannoo kana keessatti qorataan meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman sakatta'a dokumentiitti akka madda ragaa tokkoffaatti kan fayyaadamedha.Sakatta'a dokumentii kanas dhimmicha waliin kallattiin kan walqabatan kitaabilee barnoota Afaan Oromoo: kitaaba barattootaa, qajeelcha barsiisotaafi silabasii barnootichaatti dhimma baheera.Meeshaalee kanneen qaaccessuufis gaaffiilee kallattii qoranniichaarratti xiyyeeffachuun sakatta'a dokumentiidhaaf qophaa'an fayyadamuun qaacceffameera.Odeeffannichis akkaataa qaaccessa ragaalee akkamtaa fayyadamuun ibsa gahaa waliin qaacceffamee dhiyaateera.

Egaa adeemsa baruu-barsiisuu keessatti haala meeshaaleen barnootaafi qabiyyeen barnootaa ittiin qophaa'an adda baasanii beekuun adeemsicha galmaan gahuurratti isa ol'aanaadha (McDonoughand Shaw,1993).Akaakuun barnootaa qophaa'u tokkos sadarkaa barattoonni irra jiranirratti hundaa'ee qophaa'uu akka qabu barreessitoonni kun ni ibsu. Yaada kanarratti hundaa'uudhaan dhamjechoota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa irratti boqonnaa kitaabilee garaagaraa keessatti xiyyeeffannaan sadarkaa isaa eegee hammam akka dhiyaatee mul'atu sakatta'amee dhiyaatee jira. kitaabileen kunniin kan qophaa'an bara 2005/2013 yemmuu ta'an, Biroo Barnoota Oromiyaatti qajeelcha qophii, qo'annoofi qorannoo sirna barnootaatiin ta'ee, kutaa 10ffaa Boqonnaa 18 fuula 174,kutaa11ffaan boqonnaa18 fuula 224 qaba. Kitaabileen barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa

barattoota barnooticha akka afaan dhalootatti barataniif yemmuu ta’u, barattoonni kunniinis gama walquunnamtii afaanichaan taasisuurratti rakkoo hammaataa kan hinqabne ta’uun isaanii ifadha. Sababniisaa,tokkooffaa afaan dhalootaa kan itti afaan hiikkataniidha,dabalataanis barattoonnii kunniin akka afaan naannootti kutaa tokkoo eegalee hanga kutaa 8ffaatti qubeerraa ykn mallattoo barreeffamaa afaanichaa kan ta’etti fayyadamuun dandeettiiwwan (beekumsawwan) afaanichaa haala gahaa ta’een waan barataniif dandeettiiwwan irratti hanqina bala’aa hin qaban. Kana malees, barattoota qorumsa biyyooleessaf qophaa’an, kanneen gara qophaa’inaafi kolleejjiitti ce’aniif kan qophaa’edha. Kanaafuu qabiyyeen barnootichaa kitaabilee keessatti hammataman kan akaakuu qabiyyee afaanii garaa garaa bal’inaan qabataniifi barattoonni irra caalaa caasaa afaanichaarratti hubannaa isaanii gabbifachaa akka deeman gochuurra darbee afaan sana barachuuf kaka’umsa guddaa isaan keessatti uumuu kan danda’u ta’uu qaba. Meeshaaleen barnootaa tokko jalqabarratti yemmuu wixineeffamu ilaalcha sadarkaa barattoonni qabiyyee sana baratan irratti argaman hubachuun barbaachisadha. Kana malees qabiyyeen barnootaa sadarkaa sanarratti isaaniif qophaa’u filatamuun dhiyaachuu akka qabu barreessittoonni ni ibsu (Mc Donough and Shaw, 1993).

Qabiyyee kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa bara 2005 qophaa’anii dhiyaatan kan duraarraa fooyya’aa haata’u malee gama dhamjechaatiin qabiyyeerratti yeroo hubatamu ammoo, qabiyyeen kitaabilee gama barnoota dhamjechatiin kan xiyyeeffannaa barbaadu ta’uu isaati.

### 4.2.1. Qaaccessa Kutaa 10ffaa Irratti Taasifame

Barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa ilaalchisee qaaccessa gaggeeffameen qabiyyeen dhamjechootaa kan inni dhiyaatee jiru kitaaba barattootaa irratti boqonnaa 2 ffuula 24-26fi 29-30,qajeelcha barsiisotaa irratti fuula 23-27 akkasumas silabasii irratti fuula 31 irratti kan dhiyaate yoo ta’u, haaluma kanaan kitaaba barattootaa keessaatti kan dhiyaate keessaa fuula 24 irratti dhamjechoota danooma agarsiisan jedhee jecha ‘’dhufan’’fi ‘’ijaaran’’ jedhan keessatti latiin {-a-}danooma agarsiisti jechuun ibseera.

Fuula 25 irrattis:

a/nama-nam**oota** b/farad-fard**een** c/jabbii-jabb**ilee**/jabb**oota** kan jedhan dhamjechoota danooma agarsiisan jechuun kaa'eera. Kan biraas **gilgaala 9 fakkeenya B** jalattiakkas jedha: Fakkeenya siif kenname irratti hundaa'uun gaaffiilee itti aanan hojjedhu jedhee gaaffiilee kanneen dhiyeessee jira: a/**ni**deema, b/**hin**deemu, c/ilm**aan** d/lagg**een** e/bineens**ota** f/nam**oota** g/**wal**gargaaruu jedhaman keessatti dhamjechoota gurraacheffaman dhamjechoota danoomina agarsiisan jala galchuun dhiyeesseera.

Asuma jalatti ammas:Jechoota armaan gadiirraa fuftoota baasuun agarsiisi jedhee booda

a/firummaa b/fardeen c/hinkaatu d/olkaata e/gakkaata f/saroota g/walbeeku h/ijoollummaa kan jedhan dhiyaataniiru.

Itti aansuunis **hubachiisa** jedhee Afaan Oromoo keessatti fufiileen jecha duratti yookiin boodatti fufamuudhaan bifaafi yookaan hiika jechaa jijjiiru.Haaluma kanaan fufiilee duraa(prefix)fi fufiilee boodaa(suffix) jedhamanii waamamu jechuun kaa'eera.As keessatti wanti ilaalamuu qabu matdureen dhiyaatee jiru waa'ee dhamjechoota danooma agarsiisanii yoo ta'u,fakkeenyonni dhiyaatan garuu dhamjechoota bakka galumsa isaaniitiin ibsuu barbaadeeti. Kana jechuun dhamjechoota duraa, boodaa fi naannee ibsuu barbaadeeti.

Kitaaba barattootaa boqonnaa 2 gilgaala 12 fuula 29-30 irratti akaakuun latiilee unkarratti hundaa'uun latii walabaafi latii hirkataa akka jedhaman fakkeenya waliin agarsiisuun kaa'eera.Fakkeenya:nyaachise jecha jedhu keessatti nyaat-latii walabaa yoo ta'u,-sis-fi –e kanneen jedhaman immoo latii hirkatoo akka ta'an hubachiiseera.Haaluma walfakkaatuun qajeelcha barsiisotaa fuula 23-24 irrattis latii danooma agarsiisu jechuun kaa'ameera. Akkasumas fuula 24 irratti bakka galumsaa irratti hundaa'uun Afaan Oromoo keessa fufii gosa lamatu jira, fufii fufii duraafi boodaa jechuun fuftoonni gidduu Afaan Oromoo keessatti hinmullattu jechuun kaa'eera. Akkasumas qajeelcha barsiisotaa fuula 24 irrattis kanuma jedha. Dabalataan qajeelcha barsiisotaa fuula 27 irrattis unkarratti hundaa'uun immoo latii walabaafi hirkataa(walabalaa) jechuun dhiyeesseera.Silabasii barnootaa keessattimmoo dimshaashumaan fuula 31 irratti ''caasluga'' jechuun dhiyaateera.

### 4.2.2. Qaaccessa Kutaa 11ffaa Ilaalchisee Geggeeffame

Dhiyaannaa qabiyyee dhamjechootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa ilaalchisees kitaaba barattootaa boqonnaa1,gilgaala 9 fuula17-19fi boqonnaa 4,gilgaala 5 fuula 70-71tti keessatti dhiyaateera.Boqonnaa 1 gilgaala 9 keessatti kitaaba barattootaa fuula 17-19,qajeelcha barsiisotaa fuula 17fi 18 irratti fufiileen tajaajila adda addaatiif akka oolan fakkeenya waliin kaa'eera.Fakkeenya:

{-e}-raawwii darbe,

{-n}-matim-mul'istuu,

{-oota}-danooma,

{-a}-aantima kallattii,

{-siis-}-raawwachiisaa(taasisaa)

Dabalataanis kitaaba barattootaa fuula 19 fakkeenya C irratti ''jechoota kanaan gadiirraa jira dureefi duubeetti addaan qooduun agarsiisi jechuun kaa'eera.Boqonnaa4 gilgaala 5 fuula 70fi 71 keessattis fufiileen akka tajaajilaatti fufii horteefi uumamtee(yaasaa) jechuun fakkeenya waliin ibseera.Fakkeenya: jecha ''qabame''jedhu keessatti {qab-}dhamjecha hundee{-am-},dhamjecha yaasaa,{-e}dhamjechahortee jechuun kaa'eera.Karaa biraammoo qajeelcha barsiisotaa fuula 17fi18 irratti bakka argama isaaniittiin fufiilee:fufii duree,duubee,giddeefi naannee jechuun bakka bakka afuritti qooduun kaa'eera.Isaanis fufii dureen fufiilee fuuldura jechootaatti maxxanan yoo ta'u,fufii duubeen immoo karaa boodaa jechootatti hirkachuun kan argamanidha.Fufii giddeenis gidduu jechootaa kanneen galan yoo ta'u,fufii naanneen immoo aluma tokkicha jecha tokkorratti jalqabaafi xumura jechichaatti maxxanuun kanneen argamanidha.Jecha''niyaada''jedhu keessatti {ni-}latii duree,jecha ''namoota'' jedhu keessattimmoo {-oota}kan jedhu latii danoomsituu jechuun kaa'eera. Fakkeeny:jecha'' hindeemne''jedhu keessatti,hin-(duree),-ne(duubee)yoo ta'u altokkotti jecha tokkoo keessatti waan argamaniif latii naannee akka ta'u ibseera.Latii giddeef garuu fakkeenya kan ta'u hindhiyaanne.Qajeelcha barsiisotaa boqonnaa 4 gilgaala 5 fuula 52 irratti fufiilee tajaajila isaaniitiin fufii horteefi uumamtee jechuun isaan kuni lachuu fufii hirkatoo ta'uus walqabsiisuun ibsee,fufiin hortee tajaajila kanneen akka maayii,lakkoofsa,koorniyaa,ramaddii,henna,haala raawwii ta'uu akka danda'an kaa'eera. Fufiin uumamteemmoo garee jechaa ykn hiika jijjiiruu irratti kan xiyyeeffatu ta'uu ibseera.Fuuluma kanarratti latiilee unkaan latii walabaafi hirkataa jedhamuun bakka lamatti

akka qoodamanis lafa kaa’uun,latiileen walabaa kanneen ofdanda’anii dhaabbatan yoo ta’an,latiileen hirkatoon immoo kanneen qofaa ofdanda’anii hindhaabbannefi jechoota birootti hirkatan ta’uu ibseera.Silabasiin barnoota kanaas fuula 54fi 59 irratti walumatti qabaatiin ‘’caasluga jechuun dhiyeesseera. Egaa qabxiilee kanneen armaan olii kana kallattii xiyyeeffannoo qorannoo kanaan matadureewwan adda addaatti qooduun yoo qaaccessinu akka armaan gadiitti kaa’uun nidanda’ama.

### 4.3. QaaccessaaAkaakuwwan Dhamjechootaa

Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni unkaa irratti hundaa’uun bakka lamatti ramadamu. Haaluma kanaan unka isaanirratti hundaa’uun dhamjecha walabaafi (free morpheme)dhamjecha hirkataa (bound morpheme)jechuun bakka gurguddaa lamatti qoodeera.(Haspelmath, 2002;Bauer, 1988).

Haaluma kanaan kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti:kitaaba barattootaa boqonnaa 2 fuula 29fi qajeelcha barsiisotaa fuula 27 irratti latiilee unkarratti hundaa’uun latii walabaafi latii hirkataa jechuun kaa’eera. Fakkeenya:**nyaachise** kan jedhu keessatti nyaat- hundee(walaba) yoo ta’u, {-sis-}raawwachiisaa(taasisaa)fi{-e}henna mul’istuu jechuun isaan kunniin lamaan immoo latii hirkataa ta’uu ibseera.

Barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa qajeelcha barsiisotaa boqonnaa 4 gilgaala 5 fuula 52 irrattis latiilee unkarratti hundaa’uun latii walabaafi hirkataa jedhamuun bakka lamatti akka qoodamanis lafa kaa’uun,latiileen walabaa kanneen ofdanda’anii dhaabbatan yoo ta’an,latiileen hirkatoon immoo kanneen qofaa ofdanda’anii hindhaabbannefi jechoota birootti hirkatan ta’uu ibseera.Silabasiin barnoota kanaas fuula 54fi 59 irratti walumatti qabaatiin ‘’caasluga jechuun dhiyeesseera. Gama kanaan yoo ilaallu barnoota kutaa lachuu keessatti akkaataan itti latiileen unka isaanii irratti hundaa’uun dhiyaatan sirrii ta’uu isaa hubanna. Kanas akka ciminaatti ilaaluun nidanda’ama.

#### 4.3.1. Dhamjecha HirkatooTajaajilaan

Dhamjechoonni hirkatoon of danda’anii hiika kan hinlaanneedha. Haata’u malee, dhamjechoonni kun, jecha yookaan hundee jechaa irratti fufamuun, hiika jechaa dabaluufi

garee jechaa jijjiiruun jechoota haaraa uumuu keessatti ga’ee qabu. Kana jechuun dhamjechoonni hirkatoon of danda’anii hiika haadhaban malee, hormaataafi uumama jechootaa keessatti baay’ee murteessoodha.

Dhamjechi hirkataan dhamjechoota ofii isaanii ofdanda’anii dhaabbachuu hindandeenyeefi jechoota ykn dhamjecha walabaatti maxxanuun bu’uura tajaajilaatiin kanneen caasluga agarsiisaniifi hiika jechaa jijjiiran jedhamuun bakka lamatti akka qoodamaniifi tajaajila isaan oolaniif boqonnaa lama jalatti gadifageenyaan dhiyaatanii jiru.

Kanarratti hundaa’uunis dhamjechoota hirkatoo tajaajila isaanii irratti hundaa’uun dhamjechoota Horteefi Uumamtee/yaasaa/ jedhamuun bakka lamatti qoodamu.

Haaluma kanaan barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa Boqonnaa 4 gilgaala 5 kitaaba barattootaa 70,qajeelcha barsiisotaa fuula 53 irratti fufiilee tajaajila isaaniitiin fufii horteefi uumamtee jechuun isaan kuni lachuu fufii hirkatoo ta’uus walqabsiisuun ibsee,fufiin hortee tajaajila kanneen akka maayii,lakkoofsa,koorniyaa,ramaddii,henna,haala raawwii ta’uu akka danda’an kaa’eera. Fufiin uumamteemmoo garee jechaa ykn hiika jijjiiruu irratti kan xiyyeeffatu ta’uu ibseera.

Fkn Qabame {qab-}dhamjecha hundee

{-am-}fufii yaasaa(uumamtee)

{-e}fufii hortee

Gargaarsisan {gargaar-}hundee jechaa

{sis-}fufii yaasaa(uumamtee)

{-n}fufii hortee jechuun fakkeenyaan deeggaree dhiyeessera.Fufiilee kanneen ilaalchisee ibsa itti aanu kanas kitaaba barattootaa fuula 71 irratti kenneera:

Fufii horteefi fufii yaasaan garaagarummaa qabu.Fufii horteen tajaajila caaslugaa kanneen akka lakkoofsa,haala raawwiimaayii(case), koorniyaafi wkf agarsiisa. Fufii uumamteen(yaasaan)garuu,garee jechootaa ykn hiika jijjiiruurratti xiyyeeffata jechuun ibseera.

#### 4.3.1.1.Dhamjechoota Hortee

:Dhamjechoonni hortee dhamjechoota tajaajila seerlugaatiif garee jechoota adda addaatti maxxananidha,(Mitikkuufi Tashoomee,1992:28-31)

Faayidaa dhamjechoonni kunniin caasaa barnoota Afaan Oromoo keessatti qaban hedduudha.Harmer(1987:10)It is clear that when we introduce a new piece of grammar we must teach not only the form,but also one of its function’’jedha.Kana jechuun caasaa haaraa tokko yemmuu jennu kan barsiifamuu qabu unka qofaa osoo hinta’iin ,tajaajila hiikaa unki afaanii sun qabudha jechuudha.

Jechoonni afaan tokkoo adeemsa hormaataatiin caasluga afaan tokkoo agarsiisu.Adeemsa hormaata kana keessatti jechoonni afaanichaa dhamjechoota adda addaa maxxanfachuudhaan ykn sagalee jecha muraasaa irra dedddeebi’uudhaan caasluga afaaniichaa mul’isu. Isaanis, looga, lakkoofsa, maqlaalee (maayii), koorniyaa maqaalee, maqibsii,koorniyaa, ramaddii, hennaafi gochimarratti, murteessituufi kkf mul’isan fakkeenya waliin bifa keeyyataan akka itti aanutti ibsamaniiru. (Crystal,1987; Mitikkuufi Tashoomaa, 1992; Gabbaroo, 2007).

**Lakkoofsa(danooma):-** Lakkoofsi danummaa ykn qeenxummaa waan tokkoo agarsiisa. Kunis Afaan Oromoo keessatti maqaa, bamaqaa, maqibsiifi gochimarratti mul’achuu danda’a.

Maqaan jecha nama, iddoo, yaada, waan tokkoof kkf bakka bu’a. Maqaan nama, iddoo, yaada waan tokkoo qofa yommuu agarsiisu maqaa qeenxee jedhama.Yommuu tokkoo olagarsiisu garuu maqaa danuu jedhama. Afaan Oromoo keesatti qeenxummaan dhamjecha maxxanfachuu hin mul’atu. Danummaan garuu dhamjechoota adda addaatiin mul’atu.Kanneen keessaa kan bal’inaan fayyadan : -oota, -een, -lee, -en, -yyii, -wan, -an, -oliifi kkfdha.

Akkuma armaan olitti tarreeffaman dhamjechoonni kunneen maqaaleetti maxxanuudhaan danoomsu. Kanajechuun,garuu yeroo maraa danummaan maqaa dhamjecha maxxanfachuu qofaan mul’ata jechuu keenya miti.Yeroo tokko tokko maqaan dhamjecha osoo hin maxxanfatin qeenxummaafi danummaa kan agarsiisan jiru.Fkn :’’aadaa ‘jecha je dhu yoo fudhanne qeenxeefis ta’e,danuuf ni tajaajila. Bamaqaan jecha maqaa bakka bu’uudhaan

tajaajlu ta’ee akka maqaa dhamjecha maxxanfachuudhaan danummaa kan agarsiisu osoo hin taane maqaa qeenxee bakka bu’uufi danuu bakka bu’u gosa adda  addaa qaba. Fkn Bamaqaan danuu bakka bu’uun beekamu nu’i,isin,isaan yommuu ta’an ; kanneen qeenxee bakka bu’an ana,si’i,ishii/isii,isa warreen jedhamaniidha.

Qabxii biraan, danummaafi qeenxummaa keessatti mul’atu immoo maqibsiidha.Maqibsiin karaa lamaan danummaafi qeenxummaa agarsiisuu danda’a.Isaanis, irra deddeebiifi maxxanfachuudha.Afaan Oromoo keessatti irra deddeebiin bal’inaan mul’ata.Fkn adii, adaadii; diimaa, diddiimaa. Akkasumas,maqibsiin tokko tokko dhamjecha adda addaa maxxanfachuudhaan danummaa agarsiisu. Fkn hiyyeessa ,hiyyeeyyii; dureessa, dureeyyii; dabeessa, dabeeyyii. Kanaafuu, Afaan Oromoo keessatti maqibsiin adeemsa irra deddeebiifi maxxanfachuutiin danummaa agarsiisa.

Qabxiin dhumaa lakkoofsa agarsiisuun beekamu gochima . Gochima matima waliin galu keessa  dhamjechi danummaa agarsiisu ni jira.Fkn.gochima “dhuf   -an“ jedhu kan matmni isaa“ isaan“jedhu agarsiisa. Dhamjechi’’-an“ jedhu gochima ramaddii sadaffaa keessatti danummaa matimaa agarsiisa.

Walumaa galatti jechoonni garee adda addaa Afaan Oromoo haala adda addaatiin caasluga lakkoofsa agarsiiu.Maqaaleen Afaan Oromoo dhamjechoota hin maxxanfatin danummaa agarsiisanis jiru.Bamaqaan dhamjecha maxxanfachuudhaan osoo hin ta’in jechuma danummaa agarsiisu qaba.Maqibsii sagaleelee jalqaba maqibsii qeenxeerratti argaman irra deddeebi’uudhaan ykn dhamjechoota adda addaa maxxanfachuudhaan danummaa agarsiisa.Gochimni dhamjecha maxxanfachuudhaan walta’iinsa matimaafi gochimaa agarsiisa.(Mitikkuufi Tashoomaa, 1992).

Haaluma kanaan **barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa** ilaalchisee qaaccessa gaggeeffameen qabiyyeen dhamjechoota danooma agarsiisan jedhamanii dhiyaatan yoo ilaalleKitaaba barattootaa boqonnaa 2 fuula 24 irratti dhamjechoota danooma agarsiisan jedhee  jecha ‘’dhufan’’fi ‘’ijaaran’’ jedhan keessatti latiin {-a-}danooma agarsiisti jechuun ibseera. Kana keessatti dhamjechi{-a-}kuni qofaa isaa otoo hin taane {-an} kan jedhutu bamaqaa  ramaddii 3ffaa danuu ta’uu agarsiisa.

Fuula 25 irrattis:

a/nama-nam**oota** b/farad-fard**een** c/jabbii-jabb**ilee**/jabb**oota** kan jedhan dhamjechoota danooma agarsiisan jechuun kaa'eera Kan biraas **gilgaala 9 fakkeenya B** jalattiakkas jedha: Fakkeenya siif kenname irratti hundaa'uun gaaffiilee itti aanan hojjedhu jedhee gaaffiilee kanneen dhiyeessee jira: a/**ni**deema, b/**hin**deemu, c/ilm**aan** d/lagg**een** e/bineens**ota** f/nam**oota**jedhaman keessatti dhamjechoota gurraacheffaman dhamjechoota danoomina agarsiisan jala galchuun dhiyeesseera. Qajeelch barsiisotaa fuula 23fi 24 irratti latiilee danooma agarsiisan jechuun kanneenuma kataaba barattootaa irratti dhiyaate dhiyeesseera. Haata'u malee latiilee kanneen yoo ilaalle tajaajila isaaniitiin dhamjechoota eeyyent{ni-}fi hi'eentaa(hin-) jedhamanii akka qoodaman sakatta'a barruu keessatti yaada hayyootaan deeggaramanii ibsamaniiru.kanas ibsaafi fakkeenya armaan gadii keessatti ilaaluun ni danda'ama.

**Hi'eentaa agarsiisu**: Hi'eentaa jechuunwanta tokko kan murmur ykn faallessu jechuudha.Dhamjechoonni jechootarratti maxxanuun hi'eentaa ni mul'isu.''Dhamjechoonni{al-,mit-}maqaa dura;{hin-}kan jedhummoo gocha dura galuudhaan faallaa yaada duraanii ibsu,''jedha(Filee,2015:140).

Ffn:<u>hin</u>deemu,<u>hin</u>dhufne,<u>al</u>idilee,<u>mit</u>mootummaa jechoota kanneen keessatti dhamjechoonni {hin-},{al-},mit-} jedhaman kunniin hi'eentaa mul'isuuf tajaajilti.

**Eeyyentaa:**eeyyentaa jechuun wanti tokko nita'a ykn nidanda'ama jechuudha.Dhamjechi kanaaf tajaajilus fkn:nideema,nidhufa{ni-}jedhu dhamjecha eeyyentaa mul'isudha jechuudha. Kanaafuu dhamjechoonni {hin-}fi {ni-} jedhaman dhamjechoota danooma agarsiisan jala galanii dhiyaachuun irra hinturre.

**Hanqinni mul'ate:**

-jecha '' ijaaran''fi ''dhufan'' jedhu keessatti dhamjechi {-a-} jettu dhamjecha qofaa isaa danooma agarsiisu otoo hintaane,{-an} kan jedhu bamaqaa ramaddii3ffaa danuu kan ibsu ta'uunsaa sirriitti ibsamuu dhabuu.

-kanneen akka:nideema,hindeemu jedhaman keessatti dhamjechoonni argaman{hin- }fi{ni-} immoo kanneen hi’entaafi eeyyentaa agarsiisan waan ta’aniif mataduree dhamjechoota danooma agarsisan jalatti dhiyaataniiru.

**Barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa** boqonnaa 1 gilgaala 9 kitaaba barattootaa fuula 17-19fi qajeelcha barsiisotaa fuula 17fi 18 keessatti fufiileen tajaajila adda addaatiif akka oolan fakkeenya waliin kaa’eera.Fakkeenya:

{-e}-raawwii darbe,

{-n}-matim-mul’istuu,

{-oota}-danooma,

{-a}-aantima kallattii,

{-siis-}-raawwachiisaa(taasisaa)

Kana keessatti dhamjechoonnii kunniin akka tajaajila isaaniitti adda addatti bahuuniifi fakkeenya gahaa wajjin dhiyaachuu dhabuun mul’ateera.

**4.3.1.2.Dhamjecha Uumamtee(Yaasaa)**

Dhamjechi uumamtee dhamjecha jechaykn dhamjecha walabaa irratti maxxanuun hiika jechichaa ykn garee jechichaa jijjiirudha.Kana jechuun dhamjechoonni kunniin garee jechootaa gochima gara maqaatti,maqibsa gara maqaafigochimaatti,maqaa gara gochimaatti kan jijjiiranidha(Addunyaa,2011:62)Fkn: Gochima gara maqaatti=nyaate-ntaata{-a},barate-barataa{-aa}

Maqibsii gara maqaatti=diimaa-diimina{-ina}

Maqibsii gara gochimaatti=diimaa-diimate{-ate}

Maqaa gara gochimaatti=fiigicha-fiige{-e}

Walumaa galatti gosti dhamjechootaa kunniin dhamjechoota garee jechoota adda addaatti maxxanuun garee jechaa itti maxxanan sana jijjiiruun garee jechaa biraatti ceesisanidha.Askeessatti jecha haaraatu uumama jechuudha.

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kitaaba barattootaa fuula 70fi qajeelcha barsiisotaa fuula 52 irratti fufii yaasaa ilaalchisuun fakkeenyi muraasni dhiyaatan:

Fkn: Qabame {-am-}

Gargaarsisan {-sis-}kanneen jedhaman fufii uumamtee jechuun akka fakkeenyaatti dhiyeesseera.

### 4.3.2. Akaakuu Dhamjechootaa Bakka Galumsaatiin

Dhamjechoonni Afaan tokko keessatti argaman bakka argama isaaniirratti hundaa'uun akaakuu garaagaraa qabaachuu danda'u.Bakki argama isaanii kunis,fufii duree, fufii boodaafi fufii naanneejechuun bakka sadiitti qoodamu.Isaanis dura,boodaafi aluma tokkotti duaafi booda jechootarratti maxxanuun kanneen tajaajila adda addaatiif oolanidha.(Matthews,1991;Haspelmaths,2002)

Haaluma walfakkaatuun,Afaan Oromoo keessatti,dhamjechoonni kunneen bakka jechoota tokko irratti maxxanan irratti hundaa'uun,fufii duree, fufii boodaa,fufii duraafiboodaa(naannee) jedhamuun bakka sadiitti hiramuu danda'u.

Fakkeenyaaf dhamjecha duraa (hin-)jedhuufi kan boodaa (-e)jechuun dhiyaatan walta'uun gocha hinaawwatamne ta'uu mul'isa(AbarraafiKaawwan,1998)

Haaluma Kanaan,dhamjechoonni akkasii kunniin akkaataa galumsa isaanii irratti hundaa'uudhaan dhamjecha duraafi dhamjecha boodaa (naannee) jedhamuun beekamu.

Hayyoonni kaan dhamjechoota bakka galumsa isaaniitiin fufii gidduu jechuun itti dabaluun bakka afuritti ramadanis ni jiru. Fkn:farda-far<u>a</u>doo,dubra-dub<u>a</u>roo, kan jedhan akka fakkeenyaatti dhiyeessu. Fakkeenya kennaman keessatti jala sararaman akka fufii gidduutti dhiyaataniiru. Haata'u malee isaan kuni jecha gidduu seenanii haa argaman malee hiikni isaan kennan ifaa waan hin taaneef fufii gidduuti jechuun rakkisaadha jedha (Addunyaa,2013:18). Kanaaf qorataan kunis ,caasaaleen akka fufii gidduutti argaman kunneen tajaajilaafi hiikni isaanii ifaa waan hintaaneef,fufiin gidduu hiika kennu Afaan Oromoo keessatti akka hinargamneqorannoo isaa kanaan mirkaneesseera.Isaan armaan olitti

akka fakkeenyaatti dhiyaatanis akka jechoota loogaatti kan gargaaran malee kan fufii maxxanfatan akka hintaane ibseera.

Kana ilaalchisuun barnoonni Afaan Oromoo kutaa 10ffaaskitaaba barattootaa boqonnaa 2 fuula 25 akkasumas qajeelcha barsiisotaa fuula 24fi 25 irratti matduree dhamjechoota danooma agarsiisan jechuun eegalee booda:Jechoota armaan gadiirraa fuftoota baasuun agarsiisi jechuun jechoota armaan gadii dhiyeessee jira.

a/firummaa b/fardeen c/hinkaatu d/olkaata e/gakkaata f/saroota g/walbeeku h/ijoollummaa kan jedhan dhiyaataniiru.

Itti aansuunis **hubachiisa** jedhee Afaan Oromoo keessatti fufiileen jecha duratti yookiin boodatti fufamuudhaan bifaafi yookaan hiika jechaa jijjiiru.Haaluma kanaan fufiilee duraa(prefix)fi fufiilee boodaa(suffix) jedhamanii waamamu jechuun kaa'eera. Silabasii fuula 31 irrattis dimshaashaan caasluga jechuun kaa'eera. As keessatti wanti ilaalamuu qabu matdureen dhiyaatee jiru waa'ee dhamjechoota danooma agarsiisanii yoo ta'u,fakkeenyonni dhiyaatan garuu dhamjechoota bakka galumsa isaaniitiin ibsuu barbaadeeti. Kana jechuun dhamjechoota duraa, boodaa fi naannee ibsuu barbaadeeti.

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa kitaaba barattootaa boqonnaa 1 fuula 19 fakkeenya C irratti ''jechoota kanaan gadiirraa jira dureefi duubeetti addaan qooduun agarsiisi jechuun kaa'eera.Akkasumas qajeelcha barsiisotaa fuula 17fi18 irratti bakka argama isaaniittiin fufiilee:fufii duree,duubee,giddeefi naannee jechuun bakka bakka afuritti qooduun kaa'eera.Isaanis fufii dureen fufiilee fuuldura jechootaatti maxxanan yoo ta'u,fufii duubeen immoo karaa boodaa jechootatti hirkachuun kan argamanidha.Fufii giddeenis gidduu jechootaa kanneen galan yoo ta'u,fufii naanneen immoo aluma tokkicha jecha tokkorratti jalqabaafi xumura jechichaatti maxxanuun kanneen argamanidha.Jecha''niyaada''jedhu keessatti {ni-}latii duree,jecha ''namoota'' jedhu keessattimmoo {-oota}kan jedhu latii danoomsituu jechuun kaa'eera. Fakkeeny:jecha'' hindeemne''jedhu keessatti,hin-(duree),-ne(duubee)yoo ta'u altokkotti jecha tokkoo keessatti waan argamaniif latii naannee akka ta'u ibseera.Latii giddeef garuu fakkeenya kan ta'u hindhiyaanne. Silabasii fuula 54 irratti bifa dimshaasha ta'een caasluga jechuun lafa dhiyeesseera.

**Hanqina mul'ate:**

- Barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti dhamjechoonni bakka galumsaan kitaaba barattootaa keessatti bakka lamatti ramadamuun qajeelcha barsiisotaa keessattimmoo bakka afuritti ramadamuun dhiyaachuu
- Fufii giddee kan jedhu afaan Oromoo keessatti amma ammaatti fakkeenyi gaariin kan hin
- Argamneefi tajaajilli isaa kan hin beekamne ta'ee otoo jiruu fufiin giddee akka jiruutti dhiyeessuu

## 4.4. Haala Dhiyeenya Dhamjechoota Hirkatoo Kitaabilee Barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa

**Murtaa'aa gara dimshaashaa-** Dhiyaannaa kana keessatti  akkaataan qabiyyeen barnoota afaanii itti dhiyaachuu qabu otoo qabiyyee hindhiyeessiin dura fakkeenya kennuun jalqabuun itti aansuun immoo qabiyyee dhiyeessuun shaakalsiisuudha(Fireeman,2000:19).

Hayyuu biraanis akkas jechuun ibseera.

> *Inductive reasoning is more of abottom-up approach, moving from the more specific to the more general, in which we make specific observations,detect patterns, formulate hypotheses and draw conclusions.An inductive approach involves the learners detecting, or noticing, patterns and working out a 'rule'for themselves before they practice the language.An inductive approach(rule-discovery) starts with same examples from which arule is inferred.(Thornbury,1999).*

Yaada kanas yoo ilaalle  malli dhiyeenyaa kuni akkuma dura ibsame qabiyyeen kan dhiyaatu waan salpha irraa ka'uun  gara walxaxaatti yoo ta'u, dura qabiyyee dhiyaatu irratti fakkeenya kennuun eegalee fakkeenyarratti hundaa'uun barattoonni akka shaakalan kan taasisu ta'uu ibsa.

**Dimshaashaa gara murtaa'aatti-**Malli dhiyeenyaa kunimmoo, kitaabicha keessatti dhiyaannaan qabiyyee barnootaa waa'ee mataadurichaa irratti yaada dimshaashaa irraa ka'uun ibsa gahaa ta'e erga kenneen booda fakkeenyiifi gilgaalota dhiyeessuun akka barattoonni shaakalan ta'uun kan qophaa'udha. Egaa, barattoonnis ibsaan booda fakkeenyaafi gilgaala kitaabicha keessatti dhiyaate irratti hundaa'uun nishaakalu jechuudha(Tashoomaa,2005:216).

Hayyuun biraanis,

> *Deductive reasoning is essentially a top-down approach which moves from more general notion or theory, which we then narrow down to specific hypotheses, which are then tested.Adeductive methode (rule-driven)starts with the presentation of arule and is followed by examples from which the rule is applied. (Thornbury,1999).*

Kunis kan ibsu malli dhiyaannaa kuni  waan dimshaasha ta'e irraa eegaluun ibsa kennee booda  gara boodaa irratti fakkeenyaan deeggaruun akka barattoonni baratan kan taasisudha jechuudha.

Walumaa galatti maloonni dhiyeenyaa  kunniin lachuu kan isaan filataman afaan baratamurratti hundaa'uun(afaan dhalootaa,afaan lammaffaafi afaan alaa),sadarkaa barattootaafi muuxannoo barsiisataa giddu galeessa godhachuun ta'uu hayyuun kuni yeroo ibseera.Adeemsa baruu-barsiisuu afaanii keessatti galma ga'insa sagantaa barnoota afaan tokkootiif, dhiyaannan kitaaba barnootaa iddoo guddaa qaba. Kitaabni barattootaa gosa barnootaa tokko qofa qabatee,tooftaadhaan kan sadarkeeffamu,sadrkaa barnoota tokkootti itti fayyadamuuf kan qophaa'ufi sagantaa barnoota tokkoof meeshaa barnootaa isa ol'aanaadha. Kitaabni barattootaa qabiyyee mijaa'ina kan qabu,tooftaa dhiyaannaa baruu barsiisuu waliin sirriitti kandeemu,siritti  qindaa'ee barattoota kan kakasuufi barsiisaan bal'isee dhiyeessuuf kan mijatu, akkasumas murtaa'aarraa gara dimshaashaatti ykn salphaa irraa gara walxaxaatti yoo ta'e gaarii ta'uusaa  ibseera(Good,1973).Kana jechuun qabiyyeen dhiyaachuu kan qabu fakkeenyaan deeggaramuun kara barattootaaf galuu danda'uun wanta barattoonni salphaatti hubachuu danda'an irraa ka'uun gara isa walxaxaa ta'eetti deemuu qaba jechuudha.

Kana malees faayidaan mala dhiyeenya qabiyyee barnootaa kitaaba barattootaa keessatti qabu adeemsa baruu-barsiisuu keessatti  akka kanaa gadiitti tarreessameera.

- Barattoonni akka  dandeettii isaanitti akka barataniif carraa kenna.
- Barattoonni waan daree keessatti baratan irra deebi'anii akka sakatta'an dhiyeessa
- Waan yaadatan mirkaneeffachuufi kkf  tiif gargaara(Brown, et al,1989)

Walumaa galatti,kitaaba barattootaa qopheessun xiyyeeffannoo kan gaafatuudha. Kitaabni barattootaa fedhii barattootaa kan kakasuufi dandeettii barattootaa kallattii bal'isuu danda'uun qophaa'uu qaba.

### 4.4.1. Haala Dhiyeenya Qabiyyee Dhamjechoota Hirkatoo Kutaa 10ffaa Murtaa'aa Irraa Gara Dimshaashaa ykn Dimshaasha Irraa Gara Murtaa'aa Ta'uu

Akkaataadhuma armaan olitti ibsameen akka ragaan dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa irraa argame ibsutti haalli dhiyeenya barnootichaa fakkeenya kennuu irraa eegaluun gara ibsa bal'aatti seena.Fakkeenyota gaggabaaboo yoo ilaalle kitaaba barattootaa boqonnaa 2,gilgaala 9 fuula 25 irratti maalummaa dhamjechootaa ibsuu irraa eegalee dhamjechoota danooma agarsiisan, fuula 26 irratti latiilee bakka galmaatiin dureefi boodaa jechuun fakkeenya kennuun eegalee ibsa waliin dhiyeesseera.Dhamjechoota danooma agarsiisan ilaalchisuun fakkeenya jedhee-nama-namoota,jabbii-jabbilee(jabboota),farda-fardeen jechuun dhamjechoota kanneen akka{-oota,-oota,-lee,-een}kanneen jedhaman dhamjechoota danooma agarsiisan ta'uu ibsuun, gilgaala itti aanu keessattimmoo barattoonni fakkeenya kennameefii irratti hundaa'uun akka shaakalaniif gaaffiilee dhiyeesseraaf.Gaaffiileen dhiyaataniifiis akka fakkeenyaatti:

Gilgaala 9 Shaakala Fufii

Jechoota armaan gadii fakkeenya armaan olii irratti hundaa'uun danooma jechoota kennamanii agarsiisi.

| | |
|---|---|
| 1.daandii | 9.warshaa |
| 2.quba | 10.muka |
| 3.bineensa | 11.laga |
| 4.gaala | 12.raada |
| 5.gaaffii | 13.saree |
| 6.mallattoo | 14.beere |
| 7.tooftaa | 15.gaara |
| 8.hoolaa | 16.nama |

Jechuun akka barattoonni fakkeenyicharratti hundaa'uun gaaffilee kanneen irraa dhamjechoota danoomaa baasan ajaja kenneera.Gaaffileen hafanis bifuma walfakkaatuun kan dhiyaatanidha.

Fkn :nideema

hindeemu

ilmaan

laggeen

bineensota

namoota

Dhamjechoota jala sararaman kanneenis fufii dureefi boodaa jechuun dhiyeessee itti aansuunis barattoonni kanneen biroo akka shaakalan taasiseera. Kitaababarattootaa fuula 29 irrattis unkarratti hundaa'uun latiilee walabaafi hirkataa jechuun dhiyeesseera.

Haaluma walfakkaatuun qajeelcha barsiisotaa fuula 23fi 24 irrattis latiileen danooma agarsiisan fakkeenya waliin dhiyaataniiru.Fuula 26fi 27 irrattimmoo dhamjechoota unkarratti hundaa'uun latii walabaafi latii hirkataa jedhee dhiyeesseera. Silabasiin barnootichaa irratti garuu haala dimshaasha ta'een dhiyaatee jira.

**Cimina mul'ate:**

Akka walii galaatti yoo ilaalle haalli dhiyeenyaa kuni akkuma hayyoonni jedhanitti qabiyyeen barnootichaa fakkeenyota adda addaa kennuun eegaluun kanneen itti aananii dhufan akka barattoonni shaakalan waan godhuuf haala gaariin dhiyaateera.Kunis murtaa;aa irraa gara dimshaashaatti (inductive to deductive) kan dhiyaate dha.Kana jechuun salphaa irraa gara walxaxaatti dhiyaateera jechuudha. Kunimmoo karaa qabiyyeen barnootaa barattootaaf itti dhiyaachuu qabu keessa isa tokko waan ta'eef akka ciminaatti ilalamuu ni danda'a.

### 4.4.2. Haala Dhiyaannaa Qabiyyee Dhamjechootaa Hirkatoo Kutaa 11ffaa Murtaa'aa Irraa Gara Dimshaashaa ykn Dimshaasha Irraa Gara Murtaa'aa Ta'uu

Dhiyaannaan dhamjechoonni hirkatoon kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti haala armaan gadiiti.

Kitaaba barattootaa boqonnaa 1 fuula18 irratti dhamjechoota tajaajila adda addaatiif akka oolan ibsuun fakkeenya waliin dhiyeesseera. Fuula 19 keessattimmoo dhamjechoonni bakka galumsaan bakka lamatti kanqoodee ,fufii dureefi fufii boodaa jechuun fakkaanya kennuun dhiyeesseera. Boqonnaa 4 fuula 70fi 71 irrattis tajaajila irratti hundaa'uunis dhamjechoonno fufii horteefi fufii uumamtee(yaasaa) jedhamu jechuun bakka lamatti qoodee fakkeenyarraa eegaluun barnooticha dhiyeesseera.

Gama qajeelcha barsiisotaatiinis boqonnaa 1 fuula 17 irratti maalummaa latii ibsuu irraa eegaluun fufiileen bakka galumsa isaaniitiin ,fufii duree,fufii boodaa,fufii giddeefi fufiinaannee jechuun bakka afuritti qooduun kaa'eera.Haata'u malee fufiilee gosa arfan kanneeniif fakkeenya waliin hindhiyeessine.Dabalataanis boqonnaa 4 fuula 52 irratti latiilee unkaan latii walabaafi latii hikataa jechuun kaa’eera. Fuula 53 irrattimmoo akka tajaajila isaaniitti horteefi uumamtee jechuun fakkeenyota waliin agarsiiseera.Silabasiin barnoota kanaa irratti immoo bifa dimshaasha ta’een dhiyaateera.

Haala Dhiyaannaa dhamjechootaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa ilaalchisee

**Cimina mul’ate:**

Haalli qabiyyeen barnootichaa kitaaba barattootaa keessatti dhiyaate qabiyyeewwan dhiyaatan dursee fakkeenya kennuun itti aansuun immoo akka barattoonni shaakalan gochuun karaa barattoota si’eessuu danda’uun dhiyaateera. Kunis murtaa’aa irraa gara dimshaashaa ta’uu isaati(inductive to deductive).

**Hanqina mul’ate:**

Qajeelcha barsiisotaa keessatti kan dhiyaate akkuma armaan olitti ibsametti latiilee bakka galumsaa irratti hundaa’uun bakka afuritti jedhee booda ibsa gahaas ta’e fakkeenya gahaa

otoo hin kenniin darbeera. Kunimmoo akka hayyoonni jedhanitti yoo ilaalle qabiyyeen tokko yeroo dhiyaatu karaa lamaan ta'uu akka qabu ilaallee jira.Kana jechuun qabiyyeen tokko yeroo dhiyaatu murtaa'aa irraa gara dimshaashaatti ykn immoo dimshaasha irra gara murtaa'aatti ta'uu akka qabu ibsaniiru. Kunis haala qabatamaa barattootaa irratti hundaa'uun fakkeenya kennuun eegalee fakkeenya irratti hundaa'uun akka barattoonni shaakala adda addaa godhan taasisuun murtaa'aa irraa gara dimshaashaatti dhiyeessuu(inductive to deductive) ykn immoo dursee ibsa kennuun eegalee gara boodaatti immoo fakkeenya barattootaaf kennuun dimshaasha irraa gara murtaa'aatti (deductive to inductive) dhiyaachuu akka qabu hayyoonni lafa kaa'aniiru.

Kanaafuu haala dhiyeeny qabiyyee qajeelcha barsiisotaa irratti dhiyaate kana yoo fudhanne mala murtaa'aa irra gara dimshaashaa ykn immoo dimshaasha irraa gara murtaa'aatti waan hintaaneef dhiyeenya sirrii miti jechuudha. Kanaafuu hanqinni haala dhiyeenyaa mul'ateera.

### 4.5. Qaaccessa Odeeffannoo Walsimannaa Dhiyaannaa Dhamjechootaa Argame

Qophii meeshaalee barnootaa keessatti kitaabileen barattootaa,qajeelchi barsiisotaafi silabasiin barnootaa sirriitti bifa walsimatuun qophaa'uu akka qabu beekamaadha.Kanaafuu qorannoo kana keessattis akkaataa itti dhamjechoonni kuni meeshaalee kanneen keessatti walsimatanii jiran xiyyeeffannoon itti kennamuun dhimma kanarratti sakatta'insaan odeeffannoon walitti qabameera.Haaluma kanaan armaan gaditti kutaa kutaan adda bahee dhiyaateera.

#### 4.5.1.Qaaccessa OdeeffannooWalsimannaa Dhiyeenya Dhamjechoota Kutaa 10ffaa

Meeshaalee kanneen keessatti akkaataan itti qabiyyichi walsimatee dhiyaate baay'inaan gaarii yoo ta'eyyuu,darbee darbee garaagarummaan ni mul'atu.

Fakkeenya: Kitaaba barattootaa keessatti maalummaa dhamjechootaa ibsuurraa eegaluun gara gosoota dhamjechootaa kan dhiyaate yoota'u, qajeelcha barsiisotaa keessatti garuu akaakuu isaanii malee maalummaan isaanii ifatti hinkaa'amne.Silabasiin garuu dimshaashatti ''caasluga'' jechuun fuula 31 irratti kan dhiyaatedha.Kanarraa ka'uun meeshaaleen barnootaa kunneen tokkummaa(bakkatti walsimatanii)fi bakka itti adda bahan ni qabu

jechuudha. Kanumarratti hundaa'uunis walsimannaa jiru bakki cimina ta'eefi bakki hanqina jedhame gargar bahee akka ciminaafi hanqinaatti ilaalameera.

**Ciminni jiru:**

- qabiyyeen dhiyaate dhiyaate tokko ta'uu
- hunduu murtaa'aa irraa gara dimshaashaatti dhiyaachuun walsimachuu
- fakkeenyonni kennaman ifaa ta'uufi kkf

**Hanqinni jiru:**

- maalummaan dhamjechaa kitaaba barattootaa irratti malee qajeelcha barsiisotaa irratti ibsamuu dhabuu.Sababiin kuni akka hanqinaatti fudhatameefis qajeelchi barsiisotaa kitaaba barataafuu karaa ta'ee otoo jiruu qabiyyeen kitaaba barattootaa irra jiru qajeelcha barsiisotaa irratti ibsamuu dhabuudha.
- kitaaba barattootaa fuula 25fiqajeelcha barsiisotaa fuula 23fi 24 irratti mataduree dhamjechoota danooma agarsiisan jechuun dhiyeessee keessatti dhamjechoota danooma hin argisiifne jechoota kanneen akka:

- **ni**deema

-**hin**deemu

**-wal**gargaaruu - jedhan kan tajaajila adda addaatiif oolan waliin makuun dhiyeessuu

**4.5.2.Walsimannaa Dhiyeenya Dhamjechoota Hirkatoo Kutaa 11ffaa**

Kitaabileen kunniin gama baay'eetiin kan walsimataniifi kanwaldeeggaran yoota'anis,bakki isaan itti wal hinsimannes ni mul'ata. Haaluma kanaan kitaaba barattootaa boqonnaa 1 ,fuula17-19 keessatti fufiileen akka tajaajila addaaddaatiif oolan ibsa dhiyeessera. Fuula 19 fakkeenya C keessattimmoo akaakuu dhamjechota hirkatoo bakka galumsaarratti hundaa'uun fufii dureefi duubee jechuun dhiyaateera. Darbees boqonnaa 4 gilgaala 5,fuula 70fi71 fufiileen akka tajaajila isaaniitti fufii horteefi uumamtee akka jedhamanii qoodan ibsuun fakkeenyaan deeggaree dhiyeesseera.Qajeelcha barsiisotaa keessattis fuula 17fi 18 irratti bakka galumsaa irratti hundaa'uun latiilee bakka afuritti qooduun: fufii duree,fufii duubee,fufii giddeefi fufii naannee jechuun dhiyeesseera.Boqonnaa 4 ,gilgaala 5,fuula 52

irrattimmoo latiilee tajaajilarratti hundaa'uun latii horteefi uumamtee jechuun fakkeenya waliin dhiyeesseera.Silabasiin barnootichaas haala dimshaasha ta’een fuula 54fi 59 keessatti’’caasluga’’ jechuun dhiyeesseera.

As keessattis walsimannaan meeshaalee barnootaa kunneen bakkatti tokkummaa qabaniifi garaa garummaa uuman nijira. Garaagarummaa uumame kanas akka hanqinaatti ilaaluun nidanda’ama.

**Cimina mul’ate:**

- Kitaaba barattootaa, qajeelcha barsiisotaafi silabasii irratti qabiyyeen walfakkaataan dhiyaachuu
- hundarrattu qabiyyeen dhamjechootaa dhiyaachuu yoo ta’u kuni walsimannaa isaanii ibsa.

**Hanqina mul’ate:**

-akaakuuwwan dhamjechootaa kitaaba barattootaa irratti bakka galumsaatiin fufii dureefi boodaa jedhee dhiyaachuufi qajeelcha barsiisotaa irratti immoo fufii duree,boodee, giddeefi naannee jechuun bifa walhinsimanneen dhiyaachuu isaa

-qabiyyeen kaan kitaaba barattootaa irrattis ta’e qajeelcha barsiisotaa keessatti baay’inaan murtaa’aa irraa gara dimishaashaatti kan dhiyaatan yoo ta’u,qajeelcha barsiisotaa keessatti waa’een latiilee bakka galumsaan iddoo afuritti qooduun latii giddeef ibsaafi fakkeenya takko malee kan bira darbame waan ta’eef walsimannaa meeshaalee kanneennii laaffiseera.

## 4.6. Qaaccessa Hariiroo Dalgeefi Olee Kutaa 10ffaafi 11ffaa

Hariiroo dalgee kan jedhamu Kitaabileen barnootaa yeroo qophaa’an kutaa walfakkaataa keessatti kitaabni barattootaa, qajeelchi barsiisotaafi silabasiin barnootaa hariiroo(walsimannaa)qabaachuu akka qabu beekamaadha.kana malees boqonnaafi boqonnaa jidduus hariiroon(walqabatinsi) jiraachuu akka ta’e sirni barnootaa ni ibsa.Meeshaalee barnootaa keessatti dhimmoonni akka qabiyyeewwanii,dandeettiifi umurii barattootaa haala

naannoo, safuufi aadaa hawaasaa…yoo ta’an,kuni hunduu meeshaalee barnootaa kutaa sanaa hunda keessatti bifa walmadaaleen qophaa’uu qaba.

’’Integration is concerned with the linkages of information in order that student can develop aholistic overview of the curriculum. To achieve the balance in the curriculum, it is important to balance the discipline knowledge with other more generic skills as cognitive,affective and psycho-motor’’(Anderson,2001).

Hariiroon akkasii kunis hariiroo dalgee jedhamuun beekama.

Karaa biraa immoo qabiyyeen barnootaa yeroo qophaa’u kutaafi kutaa gidduu walitti hidhanni jiraachuun barachuu barattootaaf haala mijeessa waan ta’eef jiraachuu qaba. Karaa biraa immoo qabiyyeen barnootaa yeroo qophaa’u kutaafi kutaa gidduu walitti hidhanni jiraachuun barachuu barattootaaf haala mijeessa waan ta’eef jiraachuu qaba.

Vertical integration is the continuity of the curriculum design. It provides the students with opportunities to revisit knowledge and skills in more depth as they progress through the year(Anderson,2001). Yaada kanas yoo ilaalle hariiroon olee walitti fufinsa qabaachuu meeshaalee barnootaa kan ibsuufi hariiroon olee kunimmoo barattootaaf carraa akka isaan barnoota darbe keessa deebi’anii yaadatan kan isaaniif kennuufi beekumsa isaanii gabbifachuuf kan isaan gargaaru ta’uu ibsa. Kunimmoo hariiroo olee jedhamuun beekama.

Haaluma kanaan qaaccessa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa yoo ilaalle,kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti kitaaba barattootaa, qajeelcha barsiisotaafi silabasii yoo ilaalle waan hedduun kan walsimate ta’ee, maalummaa dhamjechootaa ibsuu irratti kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatee qajeelcha barsiisotaa keessattimmoo otoo hindhiyaatiin hafeera. Darbee darbees dhamjechoonni mataduree isaaniin alatti mataduree biraa jalatti makamanii dhiyaachuun mul’ateera. Fakkeenyaa latiilee danooma agarsiisan jechuun dhamjechoota ‘’nideema’’fi ‘’hindeemu’’ jedhan keessatti {hin-}fi{ni-} akka waan danooma agarsiisaniitti dhiyaatee argameera. Isaan Kunniin lachuu akka hanqinaatti ilaalamuu nidanda’u.

**Gabatee-1 Hariiroo Dalgee Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa Irratti Qophaa'e**

| Qabiyyee dhiyaate | Kitaaba barattootaa keessatti | Qajeelcha barsiisotaa keessatti | Silabasii barnootichaa keessatti | Hariiroon dalgee jiraachuufi dhibuu |
|---|---|---|---|---|
| Maalummaa dhamjechoota hirkatoo | Ibsameera | Hin ibsamne | Duuchaan kaa'ameera | Garaagarummaan jira |
| Ramaddii dhamjechootaa unkarratti hundaa'uun | Dhamjecha walabaafi hirkataa | Dhamjecha walabaafi dhamjecha hirkataa | Duuchaan taa'eera | Tokkummaa qabu |
| Dhamjechoota danooma agarsiisan | Fakkeenyaan dhiyeesseera | Fakkeenyaan dhiyeesseera | Duuchaan taa'eera | Tokkumman jira |
| Dhamjechoota bakka galumsa | Fufii dureefi fufii boodaa | Fufii dureefi boodaa | Dimshaashaan dhiyaateera | Tokkummaan jira |
| Haala dhiyaannaa dhamjechootaa | Murtaa'aa irraa gara dimshaashaatti | Murtaa'aa irraa gara dimshaashaatti | Dimshaashaan taa'ee jira | Tokkummaan jira |

Akkuma dura ibsametti kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa hariiroo dalgee fooyya'aa kan qabu ta'uufi bakka maalummaa dhamjechoota hirkatoo ibsuurratti kitaaba barattootaa irratti dhiyaatee qajeelcha barsiisotaa irratti garuu hin dhiyaatiin hafeera. Kanaafuu bakka kanatti akka hanqinaatti fudhatamuu ni danda'a jechuudha.

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa yoo fudhannes kitaaba barattootaa, qajeelcha barsiisotaafi silabasii keessatti qabiyyeefi haalli itti dhiyaatan heddumminaan hariiroo gaarii kan waliin qaban ta'ee, ibsa maalummaa dhamjechootaa irratti qajeelcha barsiisotaa irratti kan dhiyaateefi kitaaba barattootaa irrattimmoo kan hindhiyaanne ta'uun hubatameera. Kan biraammoo dhamjechoonni unkarratti hundaa'uun dhamjecha walabaafi dhamjecha hirkataa

ta’uun qajeelcha barsiisotaa irratti dhiyaatee kitaaba barattootaa irrattimmoo hindhiyaatiin hafeera. Kunis hir’ina hariiroo kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa ta’a jechuudha. Walumaagalatti hariiroon amma armaan olitti mul’atan kunniin hanqina hariiroo dalgeeti jechuudha.

**Gabataa-2, Hariiroon dalgee kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa irratti qophaa’e**

| Qabiyyee dhiyaate | Kitaaba barattootaa | Qajeelcha barsiisotaa | Silabasii barnootaa | Hariiroo qabaachuufi dhabuu |
|---|---|---|---|---|
| Maalummaa dhamjechoota hirkatoo | Ibsi hinkennamne | Ibsi kennameera | Dimshaashaan dhiyaate | Garaagarumma an jira |
| Ramaddii dhamjechootaa unkarratti hundaa’uun | Hin dhiyaanne | Dhamjechoota walabaafi hirkatoo jechuun dhiyaateera | Dimshaashaan dhiyaateera | |
| Dhamjechoota tajaajila adda addaaf oolan | hindhiyaanne | Fufii walabaafi fufii hirkatoo | Dimshaashaan dhiyaateera | Garaagarumma an jira |
| Dhamjechoota danooma agarsiisan | Dhiyaateera | Dhiyaateera | Dimshaashaan kaa’ameera | Tokkummaan jira |
| Dhamjechoota horteefi uumamtee | Dhiyaateera | dhiyaateera | Dimshaashaan dhiyaateera | Tokkummaa qabu |
| Dhamjechoota bakka galumsaan | Fufii dureefi boodaa | Fufii duree,boodaa,giddeefi naannee | Dimshaashaan dhiyaateera | Garaagarumma an jira |
| Haala dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo | Murtaa’aa irraa gara dimshaashaatti dhiyaate | Fufii giddee ilaalchisee dhiyaannaa kamiinuu hin ibsine | Dimshaashaan dhiyeesseera | Garaagarumm aan jira |

Gabatee kanarraa wanti hubatamuu danda’u  hariiroo dalgee meeshaalee barnootaa kanneen yoo ilaalle: maalummaa dhamjechoota hirkatoo ibsuurratti,ramaddii dhamjechootaa unkarratti hundaa’uun dhiyeessuurratti,dhamjechoota bakka galumsaa irratti hundaa’uun dhiyeessuu irratti akkasumas haala dhiyeessuu fufii giddee waliin walqabate irratti garaagarummaan bal’aan uumameera. Kanaafuu meeshaaleen barnootaa kunniin hariiroo dalgee laafaa qabu jechuun ni danda’ama.

Karaa biraammoo kitaabileen barnoota Afaan Oromoo kutaa kanneen lamaanii akka barnoota afaanitti hariiroo waliiniifi walqabatinsa kanqabaatan ta’ee,kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti latiilee bakka galumsaan iddoo lamatti qooduun latii dureefi latii boodaa jechuun kan dhiyeesse yoota’u, kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessattimmoo latiilee bakka galumsaatiin bakka afuritti ramaduun: latii duraa, latii boodaa, latii giddeefi latii naannee jechuun dhiyeesseera. Kanas yoo ilaallu matduree walfakkaataa irratti yaada walirraa fagaate adda addaa lama ta’ee waan argameef akka hanqina hariiroo kitaabilee kanaatti fudhatama jechuudha. Kana jechuun hariiroo oleetiinis rakkoon jiraachuu mul’isa jechuudha.

**Gabatee-3 Hariiroo Olee Kitaabileen Barnaata Afaan Oromoo Kutaa 10ffaafi Kutaa 11ffaa Qaban Irratti Qophaa’e**

| Qabiyyee dhiyaate | Kitaaba bara ku 10ffaa | qajeel bars ku 10ffaa | Silabasii ku 10ffaa | Kitaaba bara ku 11ffaa | Qajeel bars ku 11ffaa | Silabasii ku 11ffaa | Hariiroon olee jiraachii fi dhibuu |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Maalummaa dhamjechoota hirkatoo ibsaman | Ibsameera | Hinibsamne | Dimshaashaan dhiyaateera | hinibsamne | ibsameera | Dimshaashaan ibsameera | Garaagarummaan jira |
| Ramaddii dhamjechootaa unkarratti hundaa’e | Fufii walabaafi fufii hirkatoo | Fufii walabaafi fufii hirkatoo | Dimshaashaan dhiyeesseera | hindhiyaanne | Fufii walabaafi fufii hirkatoo | Dimshaashaan dhiyeesseera | Garaagarummaan jira |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dhamjechoota tajaajila adda addaa bakka tokkotti dhiyaachuu | Hindhiyaanne | Hindhiyaanne | hindhiyaanne | dhiyaateera | dhiyaateera | Dimshaashaan dhiyaateera | Garaagarummaan jira |
| Dhamjechootni danooma agarsiisan qofaatti dhiyaachuu | Dhiyaateera | Dhiyaateera | Dimshaashaan dhiyaateera | dhiyaateera | dhiyaateera | Dimshaashaan dhiyaateera | Tokkummaan jira |
| Dhamjechoonni horteefi uumamtee dhiyaachuu | Hindhiyaanne | Hindhiyaanne | hindhiyaanne | dhiyaateera | dhiyaateera | Dimshaashaan dhiyaateera | Garaagarummaan jira |
| Ramaddii dhamjechootaa bakka galumsaatiin | Fufii dureefi fufii boodaa | Fufii dureefi fufii boodaa | Dimshaashaan dhiyaate | Fufii dureefi fufii boodaa | Fufii duree,boodaa,giddeefi naannee | Dimshaashaan dhiyaate | Garaagarummaan jira |
| Mala dhiyaannaa dhamjechootaa | Murtaa’aa irraa gara dimshaashaatti dhiyaate | Murtaa’aa irraa gara dimshaashaatti dhiyaate | Dimshaashaan taa’e | Murtaa’aa irraa gara dimshaashaatti dhiyaate | Fufii giddee mala kamiinuu hindhiyeessine | Dimshaashaan dhiyaatee jira | Garaagarummaan jira |

Egaa akkuma gabatee kanarraa hubannutti hariiroon olee kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi kutaa 11ffaa yoo ilaalame iddoo hedduutti garaagarummaa mul’isanii waan jiraniif hariiroon isaan waliin qaba baay’ee laafaa ta’uu isaa nuhubachiisa.

essan,dhaabbilee maxxansaafi raabsaa,akkasumas BBO waliin ta’uudhaan manneen barnootaatiif akka raabsan carraaqqii cimaa taasisuutu irraa eegama.

-Qopheessitoonniifi fooyyeessitoonni sirna barnoota Afaan Oromoo qabiyyee dhamjechootaa wixineessan,gahee dhiyaannaa dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti qabu adda baasuun qopheessuu qabu. Qabiyyee barnootaa tokko hojiirra oolchuu keessatti maalummaan qabiyyichaa adda bahee beekamuu qaba.Haaluma kanaan,tokkummaafi garaagarummaan jechaafi dhamjechaa bifa gilgaalaatin kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaaatan,fakkeenyaafi ibsa bal'aa qabiyyicha hubachiisuu danda'uun deeggaramanii dhiyaachuu qabu. Akkasumas dhamjechoonni walabaafi hirkataa bifa gilgaalaatiin kitaabilee kanneen keessatti adda bahanii dhamjechi walabaa isa kam akka ta'eefi dhamjechi hirkataan isa kam akka ta'e,haala sagantaa adeemsa baruu barsiisuu banootichaa hingufachiisneen qophaa'anii dhiyaachuu qabu. 1. Galma ga'iinsa adeemsa baruu barsiisuu qabiyyee barnootaa tokko haala barbaadameen hojiirra oolchuuf dhiyaannaan kitaabilee barnootaa gahee ol'aanaa qabu. Haaluma kanaan dhamjechoonni Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa9fi10ffaa bara2005 qophaa'an keessatti dhiyaatan maalummaa isaaniirraa kaasanii haala salphaatti hubatamuu danda'aniin qophaa'anii dhiyaachu qabu. Kanaafuu, qopheessitoonni kitaabilee barnoota Afaan Oromoofi sirna barnoota Afaan Oromoo qopheessan,maalummaa dhamjechoota Afaan Oromoo bifa salphaatiin hubatamuu danda'uun,qabsiisafi fakkenyaan deeggaaranii osoo dhiyeessaniiruu ta'ee ofiin barachuu barattootaa keessatti faayidaa ol'aanaa qaba.

- Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan dandeettii isaanii gama qabiyyee dhamjechootaatiin qaban cimsachuuf kitaabilee wabii adda addaa dubbisuun dandaeettii isaanii guddifachuuf carraaqqii taasisuutu isaanirraa eeggama.Akkasumas hamilee barattoota isaanii dadammaqsuun afaan isaanii haalan akka baratan tumsa gochuu qabu jechuun qorannee ishee keessatti lafa keesseetti.
- Qabiyyeewwan dhamjechootaa kitaabilee barataa Afaan Oromoo keessatti dhiyaataniifi qajeelacha barsiisaa keessatti dhiyaatan yoo walsimachuu baatan qabiyyee barnootichaa hojiirra oolchuu keessatti garaagarummaa uumamuu nidanda'a. Kanaafuu qopheessitoonni kitaabilee barnoota Afaan Oromoo qopheessan hanga danda'ametti kitaabni barataafi qajeelchi basiisaa akkaataa walsimachuu danda'aniin ofeeggannoon qopheessanii adeemsa baruu barsiisuutiif dhiyeessuu qabu.
- Uumamaafi hormaata jechoota Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni adda addaa tajaajila adda addaa qabachuun isaanii beekamaadha. Haaluma kanaan dhamjechoonni

uumama jechootaafi hormaata jechootaaf tajaajilan adda bahanii kitaabilee kanneen keessatti dhiyaachuu qabu.Akkasumas,jechoonni bu’uuraa yookiin jechoonni haadhoofi jechoonni uumamteen kitaabilee kanneen keessatti akka gilgaalaatti dhiyaatan, ulaagaa ittiin adda bahanii beekkaman waliin kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaachuu qabu. Kanaafuu,qopheessitoonni qabiyyee dhamjechoota uumamteefi hortee kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti sagantaa barnootaatiif qopheessan haala dhamjechoonni kun jechoota bu’uuraatti maxxanuun jechoota haarawa itti uumuu dana’aniifi tajaajila caaslugaa itti agarsiisuu danda’an adda baasanii osoo kan dhiyeessan ta’ee,hubannoo qabiyyee barnootichaa irra caalaa mijataa taasisa.

- Haaluma walfakkatuun,dhamjechonni Afaan Oromoo tajaajila Afaanichaa keessatti kanneen qooddii garaa garaa qabaachuun isaanii nibeekama. Haata’u malee,qooddii kana keessatti dhamjechoonni duraa,boodaa,duraafi boodaa isaan kam akka ta’an haala qabsiisaatiin gilgaalota dhiyaatan dursee kitaabicha keessatti wanti ibsame hinjiru. Kanamalees,tajajilli dhamjechoota kanneeni adda bahee kitaabilee kanneen keessatti hinibsamne.Kanaafuu, qopheessitoonni sirna barnoota Afaan Oromoo tokko tokko dhamjechoota kana haala ofiin barachuu baratootaarratti dhiibbaa hin uumneen adda baasanii dhiyeessuu qabu. Akkasumas,tajajilli dhamjechoota duraa, boodaa, duraafi boodaa maal akka ta’e kitaabilee barnootaa keessatti bifa ifa ta’een dhiyaachu qaba.
- Jechoonnii Afaan Oromoo kan uumamaniifikan horan dhamjechoota adda addaa ofitti maxxanfachuudhani. Garee jechootaa uumaman kunneen ammoo garee jechootaa kan jijjiiran yoo ta’an, gareen jechootaa horan tajaajila caasluga adda addaa kan akka danoominaa, korniyaa, maayii, haala raawwiifi kkf agarsiisuuf kan oolaniidha. Kanaafuu, qopheessitoonni kitaabilee barnootafi sirna barnoota Afaan Oromoo qopheessaan dhiyaanna uumamaafi hormaata jechoota Afaan Oromoo haala ofiin barachuu barattootaarratti dhibbaa wayiituu geessisuu hindadanyeen ifa gochuun qopheessanii dhiyeessuu qabu.
- Qabiyyeewwan dhamjechoota Afaan Oromoo boqonnaalee adda addaa jalatti bibittinnaa’anii dhiyaatan,osoo boqonnaa murtaa’aa jalatti gurmaa’anii dhiyaataniiruu ta’ee jiraatee,haala salphaa ta’een barttoonni hubachuu waan danda’aniif,galma ga’iinsa qabiyyee barnootichaatiif bu’aa guddaa qaba.

- Dhamjechoota kanneeniif moggaasa adda addaa kitaabilee kanneen kessatti,fufii, dhamjecha,latiifi maxxantuu jechuuun kennameefi jira. Kun immoo adeeemsa baruu-barsiisuu keessatti dhiibbaa uumuu waan danda’uuf, osoo moggaasni waalta’aan tokko kennameefi filatamaa ta’uu danda’a. Kanaafuu,qopheessitoonni kitaabilee barnoota Afaan Oromoo sagantaa adeemsa baruu-barsiisuuf qopheessanii dhiyeessan qooddii dhamjechoota kanneenii haala ofiin barachuu barattootaaf ifa ta’een qopheessanii dhiyeessuu qabu.

Karaa biraatiin,osoo silabasiin barnootichaa kitaabilee barataafi qajeelcha basiisaa waliin walbiraxx qabamee qaacceefameera ta’ee qorannicha irra caalaa bu’a qabeessa taasisuu danda’a ture. Kanaafuu,milkaa’ina adeemsa baruu barsiisuutiif silabasiin barnooticha manneen barnootaa keessatti hojiirra ooluu qaba.

Walumaagalatti,hanqinaalee dhiyaanna xinjecha Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa9ffaafi 10ffaa bara 2005 qophaa’anii adeemsa baruu barsiisuutiif dhiyaatan keessatti argaman sirreessuuf,kitaabileen barnoota amma qophaa’anii hoji irra oolaa jiran kanneen milkaa’ina galma ga’iinsa barnootichaaf irra deebi’amanii qulqillaa’anii gulaalamanii dhiyaachuu qabu.

Walumaagalatti,qorannoon kun qaaccessa dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoofi qajeelcha barsiisotaa kutaa 10ffaafi 11ffaa dhiyaatan qaacceessuun hanqinoota mula’tan adda baasuun yaada furmaataa kaa’eera.

# BOQONNAA SHAN:  GUDUNFAA, ARGANNOOFI  YABOO QORANNICHAA

## 5.1.   Gudunfaa

Akkuma Boqonnaa tokko irratti ibsame, matadureen qorannoo kanaa qaacceessa dhamjechoota hirkatoo barnoota  Afaan Oromoo  kutaa 10ffaafi 11ffaa bara 2005 qophaa’e irratti xiyyeeffata. Qorannoo kana keessattis,dhamjechoonni hirkatoon kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kanneen keessatti akkamitti akkaakuun jechuunis:(unkaan,tajaajilaan,bakka galumsaaniifi qabiyyeen) adda bahuun sirriitti dhiyaachuufi dhiisuu isaanii, murtaa’aa irraa gara dimshaashaamoo dimshaasha irraa gara murtaa’aatti dhiyaatanii akka jiran adda baasuu,walsimannaan dhiyaannaa dhamjechootaa kitaabilee barattootaa,qajeelcha barsiisotaafi silabasii barnootichaa keessatti maal akka fakkaatu adda baasuufi walqabatiinsi dhiyaannaa dhamjechoota kanneenii kutaa keessattiifi kutaadhaa gara kutaa itti aanuutti maal akka fakkaatu  kitaabilee  barnootaa kanneen qaaccessuun adda baasuun, ciminootaafi hanqinoota jiran bira ga’uun hanqinoota mul’ataniif yaadni furmaataa kaa’ameera.

Adeemsi qorannichaas, mala qorannoo akkamtaan kan dhiyaate yoo ta’u, sababni isaas, dhamjechoota hirkatoon  kitaabilee barnoota  Afaan Oromoo  kutaa 10ffaa 11ffaa keessatti argaman sakatta’uun ibsuuf yoo ta’u; qorannoo kana keessatti meeshaan odeeffannoon ittiin fudhatame sakatta’a dokimentii yoo ta’u,qorataan kuni akka madda ragaa 1ffaatti kan inni gargaarame ‘’Qaaccessa kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa(kitaaba barattootaa,qajeelcha barsiisotaafi silabasii) ykn sakattaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo’’ irrattidha jechuudha.

Kitaabilee kanneenis boqonnaa afur keessatti yooda hayyootaa deeggaramuun qaacceffamaniiru.Qaaccessa kana keessattis qabxiilee xiyyeeffannaa qorannichaa kan ta’an dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi11ffaa keessatti bifa kamiin dhamjechoonni kun unkaan,tajaajilaan,bakka galumsaaniifiqabiyyeedhaan qoqqoodamanii akka jiran,haala kamiin qophaa’anii akka jiran, haala kamiin dhiyaatanii akka jiran(murtaa’aa irraa gara dimshaashaa ykn dimshaasha irraa gara murtaa’aa ta’uu),walsimannaa dhiyaannaa qabiyyee kanaa kitaaba barattootaa, qajeelcha barsiisotaafi silabasii gidduu jiruufi hariiroo dhiyaannaa qabiyyee dhamjechoota hirkatoo kan dalgeefi olee jechuun qabxiilee gurguddaa arfan kanneen jalatti cuunfuun argannoofi yaada furmaataa armaan gaditti kaa’eera.

## 5.2. Argannoo

Qaaccessa dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa irratti geggeeffameen irraa argannoowwan bira ga’aman akka itti aanutti dhiyaataniiru.

- Kutaa lachuu keessatti dhamjechoonni akkataa akaakuu isaaniitti (unkaan,tajaajilaan,bakka galumsaanfi qabiyyeen adda bahanii qofa qofaattii ibsamuu dhabuu
- Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti dhamjechoota tajaajila isaaniifiakaakuu bakka galumsaan takkaatti mataduree tokkoon waliin makee make dhiyeessuu
- Barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti dhamjechoota bakka galumsaan bakka sadiitti (fufii duree’fufii boodeefi fufii naannee) jedhamanii ramadamuu otoo qabanii bakka lama qofati akka jiraniitti fufii dureefi fufii boodaa jechuun darbuun ibsuu
- Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa gilgaala 9 B jalatti mata dureen dhiyaate waa’ee dhamjechoota danooma agarsiisanii ta’ee otoo jiruu,jechoota:nideema,hindeemu,walgargaaruu jedhan achi jala galchuun dhiyeesseera. Dhamjechoota jechoota kanneen keessatti argaman yoo fudhanne(ni-deem-a,hin-deem-u,wal-gargaar-uu) yoo ilaalle {ni-}eeyyentaa agarsiisuuf,{-}henna agarsiisuuf,{hin-} hi’eentaa agarsiisuuf,{-u}henna agarsiisuuf,{wal-}fuftuu duree bakka galumsaan fi{-uu}henna agarsiisuuf yoo ta’u,dhamjechoonni kunniin

matadureen ala makamee dhiyaachuun fudhatama hinqabu. Kan armaan olii keessatti fakkeenyi kennaman barattootaaf ifa kan hintaaneefi qabiyyeen mata dureen ala waliin makamee dhiyaatee mul'ateera.

- kitaaba barattootaa fuula 9 fakkeenya C jalatti fufiilee bakka galumsaatiin fufiilee bakka lamatti qooduun fufii dureefi fufii boodaa jechuun ibseera.Haata'u malee akka yaada hayyootaan armaan olitti ibsametti fufiileen bakka galumsaan bakka beekamoo sadiitti kan ramadaman ta'uu ibsaniiru.Kanaafuu latiilee duree,boodaafi naannee jechuun bakka sadiitti qoodamanii ibsamuu dhabuu.
- Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessattiqajeelcha barsiisotaa irrattimmoo latiilee bakka galumsaatiin fuula 17fi 18 irratti bakka afuritti qooduun :fufii duree,fufii boodaa,fufii giddeefi fufii naannee jechuun kaa'us isumayyuu fakkeenyaan deeggaree dhiyeessuu dhabuu
- Kitaabuma kutaa 11ffaa kana keessas fufii giddee kanaaf fakkeenya dhiyeessuu dhabuu.
- Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti bakka adda addaatti abiyyeen kitaaba barattootaafi qajeelcha barsiisotaa irratti dhiyaate garaagara ta'uu

## 5.3. Yaboo Qorannichaa

Akkuma qaaccessa boqonnaa arfaffaa irraatii bu'a argameen kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa keessatti dhiyaannaa dhamjechootaa ilaalchisee hanqinaaleen mul'atan kunniin yoo maqfaman (fooyya'an)kitaabileen kunniin kitaaba gariifi gahumsa qabu ta'anii barachuu barattootaafi guddina afaanichaafillee bu'aa buusan ta'anii argamu. Kanaafuu qabxiileen yaada furmaataa ta'u jedhaman akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

- ❖ Barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa ilaalchisee dhamjechoota bakka galumsaa irratti hundaa'uun fufii dureefi fufii boodaa jechuun bakka lamatti qooduun kan dhiyeesse fufii duree,fufii boodaafi fufii naannee jechuun bakka beekamoo sadiitiin qooduundhiyeessuu qaba.
- ❖ Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti jechoota ''ijaar**a**nfi dhuf**a**n'' jedhan keessatti, latiin{-a-}kitaabicha keessatti latii danooma agarsiisu jechuun ibseera.Latii kana yoo ilaalle[-a-} qofaa isaa otoo hinta'iin{-an}kan jedhu bamaqaa

danuu ,ramaddii 3ffaa kan agarsiisudha. Kanaafuu dhamjecha bamaqaa danuu ramaddii 3ffaa ibsitu jedhee dhiyaachuu qaba.

- ❖ Barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti akaakuu dhamjechootaa bakka galumsaatiin iddoo afuritti qooduun fufii duree,fufii boodaa,fufii giddeefi fufii naannee jechuun kan dhiyaate ,fufii giddee kan jedhamu Afaan Oromoo keetti tajaajilli inni ooluuf amma ammaatti bira waan hingahamneef, akkasumas fakkeenyi gaariin(gahaan) fufiilee kanneenii kitaaba barattootaa irrattis ta'e kitaabilee biroo irratti dhiyaatee waan hinjirreef, latiilee kanneen bakka sadiitti qooduun(fufii duree, boodaafi naannee)jechuun otoo dhiyeessee sirrii ta'a.
- ❖ Kitaaba barattootaa kutaa 10ffaa irratti latiilee bakka galumsaa irratti hundaa'uun latii dureefi latii duubee jechuun kaa'eera. Kana keessatti akaakuu latiilee kanaa maqaa isaanii qofa malee maalummaan fufiilee sanaa hin ibsamne. Kanaafuu kitaaba kanarratti qabiyyee dhamjechootaa kanneen yeroo dhiyaatan jalqabarratti maalummaa dhamjechootaa sana ibsuufi fakkeenya kennuu irraa egaluun filatamaadha. Dhamjechoonno yeroo dhiyaatan akkaataa unkaatiin,akkaataa tajaajilaatiin,akkaataa bakka galumsaatiiniifi akkaataa qabiyyee isaaniitiin adda adda bahanii otoo dhiyaatanii barattootaaf salphaatti hubatamuu danda'a.
- ❖ Barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti mataduree waa'ee dhamjechoota danooma agarsiisanii dhiyeessuun achuma keessattimmoo dhamjechoota tajaajila biraaf oolan(hindeemu,nideema,walgargaaruu)makuun dhiyaatee argameera. Dhiyeenyi akka kanaa kunimmoo barattoota dogaggorsa waan ta'eef mataduree biraatiin ofdanda'ee ykn immoo mataduree dhamjechoota tajaajila adda addaatiif oolan jechuun dhiyaachuu qaba.
- ❖ Haala dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo ilaalchisee kitaaba qajeelcha barsiisotaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti dhamjechoota hirkatoo bakka galumsaatiin bakka afuritti (fufii duree, fufii boodaa,fufii giddee fi fufii naannee) jedhamee dhiyaachuu qofa otoo hintaane,giddee irratti fakkeenyas ta'e ibsa tokkoyyuu irratti hin kenniin darbeera. Kunimmoo akka hayyoonni jedhanitti qabiyyeen kitaaba tokkoo dhiyaachuu kan qabu haala batarattotaa(umurii,muuxannoo,sadarkaa barnootaa,…) giddugaleeffachun akka barattootaaf galuu danda'utti fakkeenya kennuu irraa jelqabuun gara ibsa kennuufi barattoota shaakalsiisuutti deemuun dhiyaachuu ykn immoo ibsarraa ka'uun erga barattoota shaakalsiisee booda fakkeenya kennuun

dhiyaachuu akka qabudha. Kanaafuu qabiyyeen kuni haala dhiyeenyotaa ibsaman kanneen lamaan keessaa tokkotti gargaaramuun dhiyeessuu qaba.

- Kitaabilee hunda keessattuu qoqqooddii dhamjechoota hirkaatoo unkaan,tajaajilaan, bakka galumsaaniifiqabiyyeen tuttuqamuu haayaalamani malee akka hubatamuu danda'anitti fekeenyaafi ibsi gahaan itti hin kennamne.Kanaafuu qabiyyeewwan kanneen irratti akkaataa qoqqooddii isaaniitti otoo walhinmakiin fakkeenyaafi ibsa gahaa wajjin dhiyaachuu qaba.
- Walsimannaa meeshaalee barnootaa kanneen gama dhiyaannaa dhamjechoota hirkataan mul'atan ilaalchisee,silabasiin amaluma isaatiin bifa dimshaasha ta'een dhiyaata waan ta'eef qabiyyee hunda tokko tokkoon achi keessatti argachuu hin dandeenyu.Haata'u malee kitaabni barattootaafi qajeelchi barsiisotaa gama hundaanuu wal simatee argamuu qaba. Kuni ta'ee otoo jiruu kitaaba barnoota Afaan Oromoo irratti kitaaba barattootaa irratti dhamjechoota bakka galumsaatiin bakka lamatti qooduun fufii dureefi fufii duubee jechuun kan dhiyeesse yoo ta'u,qajeelcha barsiisotaa irratti immoo latiilee kanneen latii duree, latii duubee,latii giddeefi latii naannee jechuun kan dhiyaatedha. Kunimmoowalsimannaa kitaabilee kanneenii hir'iseera. Kanaafuu kitaabilee kanneen keessatti qabiyyee kana bifa walfakkaatuun qopheessuun dhiyeessuu qaba.
- Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa irratti maalummaa dhamjechootaa kitaaba barattootaa keessatti ibsamuun kan dhiyaate yoo ta'u, qajeelcha barsiisotaa irratti garuu maalummaan dhamjechootaa hin ibsamiin hafeera. Haata'u malee qabiyyeen barnootaa tokko yeroo dhiyaatu maalummaa isaarraa ka'uun yoo dhiyaate caalaatti barattootaaf ifa waan ta'uuf,qajeelcha barsiisotaa irrattis maalumman dhamjechootaa yoo ibsame sirrii ta'a.
- Barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa irratti qajeelcha barsiisotaa keessatti maalummaan dhamjechoota hirkatoo ibsamuun yoo jalqabamu, kitaaba barattootaa irrattimmoo ibsi kenname hinjiru. Kanaafuu haaluma qajeelcha barsiisotaa irratti ibsameen kitaaba barattootaa keessattis ibsi kennamuufii qaba.
- Hariiroo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa bara 2005 qophaa'an kanneenii ilaalchisee kitaaba barnaata Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti maalummaan dhamjechoota hirkatoo kitaaba barattootaa irratti ibsamuun qajeelcha

barsiisotaa irrattimmoo hin ibsamiin kan hafe yoo ta'u;kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessattimmoo qajeelcha barsiisotaa keessatti ibsamee kitaaba barattootaa keessattimmoo hin ibsamiin hafeera. Karaa biraas dhamjechoota unka isaaniirratti hundaa'uun barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti kitaaba barattootaa irrattis ta'e qajeelcha barsiisotaa keessatti yoo ilaalle latiilee walabaafi hirkatoo jechuun bakka lamatti qoodee kan dhiyeesse yoo ta'u, barnaata Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti garuu qajeelcha barsiisotaa keessatti malee kitaaba barattootaa keessatti hindhiyaanne. Dabalataanis dhamjechoota bakka galumsa isaanii irratti hundaa'uun kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa kitaaba barattootaas ta'e qajeelcha barsiisotaa kessatti fufii dureefi fufii boodaa jechuun kan dhiyeesse yoo ta'u,kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessattimmoo kitaaba barattootaafi qajeelcha barsiisotaa lachuu keessatt fufii duree, fufii boodaa, fifii giddeefi fufii naannee jechuun bakka afuritti qooduun dhiyeesseera. Kana jechuun kan walhinsimannetu dhiyaatee jira jechuudha. Kanaafuu latiileen kunniin kutaalee lachuu keessatti bifa hariiroo(walfakkeenya) qabuun latii duree,latii duubeefi latii naannee jechuun dhiyaachuu qaba. Haala dhiyaannaa dhamjechootaa ilaalchisee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti dhiyeenyi jiru murtaa'aa irraa gara dimshaashaatti yoo ta'u, barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessattis qabiyyeen heddumminaan murtaa'aa irraa gara dimshaashaatti yoo ta'eyyuu mataduree dhamjechoota bakka galumsaan dhiyeesse keessatti fufii giddee irratti ibsas ta'e fakkeenya tokkoyyuu otoo hin kenniin waan darbeef mala murtaa'aa irraa gara dimshaashaas ta'e dimshaasha irraa gara murtaa'aa otoo hin hordofiin dhiyaate jechuudha. Kanarraa ka'uun hariiroon olee hanqina waan qabuuf kana sirreessuuf immoo kitaabileen kunniin bifa walsimateen kitaaba barattootaas ta'e qajeelcha barsiisotaa keessatti maalummaan dhamjechoota hirkatoo ibsamuu irraa eegaluu qabu;dhamjechoonni unka isaanii irratti hundaa'uun dhamjecha walabaafi hirkatoo jedhamuun dhiyaachuu qabu,dhamjechoonni bakka galumsa isaaniitiin fufii duree, fufii boodaafi fufii naannee jechuun bifa walfakkaatuun kutaalee lachuu keessatti dhiyaachuu qaba.

Walumaa galatti qaaccessa dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo barnoota Afaan Oromoo kutaa 10faafi 11ffaa irratti geggeeffame ilaalchisee akaakuuwwan dhamjechootaa unkaan,tajaajilaafibakka galumsaan akkamitti qoodamanii akka dhiyaatan, haallii itti

dhiyaatan murtaa’aa irraa gara dimshaashaa ykn immoo dimshaasha irraa gara murtaa’aa ta’uu,walsimannaa meeshaalee barnoota Afaan Oromoo kutaalee kanaafi hariiroo dalgeefi olee dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barnootaa kutaa 10ffaafi 11ffaa kutaa keessattiifi kutaafi kutaa gidduu jiru ilaalchisee qorannoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaalee kanneenii irratti taasifameen argannoo argame irratti hundaa’uun qabxiileen armaan olitti dhiyaatan akka yaada furmaataatti dhiyaataniiru. Haaluma kanaan yaada furmaataa taa’e kana barattoonni,barsiisonni qopheessitoonni sirna barnootaa akksumas qaamni itti fayyadamuu barbaade kamiyyuu yaada furmaataa qorannoo kanaan dhiyaate kana itti gargaaramuu ni danda’a.

## Wabiilee


Abarraafi Kaawwan. (1998). *Caasluga Afaan Oromoo.(Jildii 1).* Addis Ababa: Branna.

Addunyaa Barkeessaa.(2011).*Akkamtaa:Yaadrimee Qorannoo*. Finfinnee: Far East Trading plc.

Adunyaa Barkeessaa. (2012). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing Press.

Adunyaa Barkeessaa. (2013). *Sanyii: Jechaafi Caasaa isaa*. Finfinnee:Printing and Advertising PLC.

Anderson,S.R.(1992). *Amorphous Morphology*. Cambridge: Cambridge University Press.

Brown,et.al.(1989).*Curriculum And Instraction*:An Intriduction In To Methed of Teaching.London:Macmillan Company.

Crystal,D.(1987).*The Cambridge Encyclopedia of Language*. Cambiridge: Cambridge Univesity Press.

CunningsWorth.A.(1995).*Choosing Your Course Books*. London: Heinemann.

Dublin, F. and Olshtain, E.(1986).*Course Design: Developing programs and materials for Language Learning*.Cambridge:Cambridge University Press.

Fikremariam Daba. (2007).*Sakatta'a Onneessa Barattoonni Sadarkaa lammaffaa Afaan Oromoo Barachuuf qaban*."AAU: Unpublished MA. Thesis.

Filee Jaallataa.(2015). *Seerluga Oromoo.* Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii.

Freeman, L. (2000). *Techniques and Principles in Language Teaching*.United Kingdam: Oxford University Press.

Geetaachoo Rabbirraa. (2009). Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansiisaa Kurraaz Intarnaashinaal.

Good,C.V.(1973).Dictionary of Eduction. New York: Mc Graw Hill Book Company.

Harmer, J. (1987).Teaching and Learning Grammar. UK: Longman York press.

Harmer,J.(1991).The Practice of English Language Teaching. UK: Longman York press.

Haspelmath,M.(2002).Undersstanding Morphology.2nd (edt.).Hodder Arnold.

Hockett, C.F. (1970). A course in Modern Linguistics. USA: The Macmillan Press Ltd.

Hornbry, A.S.(2005). Oxford Advanced Learner's Dictionary(7thed.). Oxford: Oxford University press.

Ijaaraa Baatuu. (1999).Haala Dhiyeessa Xinlatii Afaan Oromoo Daree Barnootaa Keesatti:Haa-la Barattoota Kutaa Kudha Tokkoffaa Mana Barumsa Qophaa'ina Gobbaa.Addis Ababa Universty( MA thesis).

Katamba, F. (1993). Modern Linguistics: Morphology. USA: The Macmillan Press Ltd. Lyons,John.(1981).Language and Linguistics An Introduction.Cambridge: Cambridge University Press.

Matthews, P.H. (1991). Morphology. (2ndEd.). Cambridge: Cambridge University Press.

Mc Donough,J.and Shaw,C.(1993).Materials Methods In English Language Teaching.Oxford:Black Well Publishes Ltd.

Ministeera Barnootaa.(2005).Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barattootaa kutaa 10ffaa. Kampala Uganda. MK pubilsers Ltd.Kampala.

Ministeera Barnootaa.(2005).Barnoota Afaan Oromoo Qajeelcha Barsiisotaa Kutaa 10ffaa. Kampala Uganda. MK pubilshers Ltd. Kampala.

Ministeera Barnootaa.(2005).Silabasii Barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa. Kampala Uganda. MK pubilshers Ltd. Kampala.

Ministeera Barnootaa.(2005). Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barattootaa kutaa 11ffaa. Kampala Uganda. MK pubilshers Ltd. Kampala.

Ministeera Barnootaa.(2005). Barnoota Afaan Oromoo Qajeelcha Barsiisotaa Kutaa 11ffaa. Kampala Uganda. MK pubilshers Ltd. Kampala.

Ministeera Barnootaa.(2005).Silabasii Barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa. Kampala Uganda. MK pubilshers Ltd. Kampala.

Misgaanuu Gulummaa. (2012). Biiftuu Guddina Afaanii.Finfinnee: Subi printing press.

Mitikkuu Dibbeessaafi Tashoomee Egeree. (1992). Xinjecha: Seerluga Afaan Oromoo Hidhaa 2ffaa. Barnoota Fagoo Dhaabbata Mala Qunnamtii, Ministera barnootaa.

O‟Grady, W. and Dobrovolsky, M.(1996). Contemporary Linguistics Analysis.An introduction. (3rd ed.). Toronto: Capp Clark LTD.

Radford, et al. (1999). Linguistics;Introduction. Cambridge:Cambridge University Press.

Richards.J.C.and Rodgers.T.(1986).Approaches and Methods in Language Teaching.Cambridge: Cambridge University Press.

Richards J. C and Rodgers T.S. (2001).Approaches and Methods in Language Teaching.A description and analysis. Great Britain: Cambridge University Press.

Richards, J.C.(2001). Curriculum Development in Language Teaching. Cambridge: Cambridge University Press.

Richards J.C. and W.A. Renandya.(2002). Methodology of In Language Teaching. Cambridge: Cambridge University Press.

Tamane Bitama. (2000). A Dictionary of Oromoo Technical Terms.Oromo English. Berlin: Rudiger Kopp verlage Colin.

Temesgen Negasa.(1993).Word Formation In Oromo. Addis Ababa: Addis Ababa University (Unpublished MA thesis).

Tolamariam Fufaa. (2011). Seera Afaan Oromoo I. Dhaamsagaafi Dhamjechaa. Addis Ababa: Addis Ababa University.

Yule, G. (1996). The Study of Language. (2ndEd.). Cambridge: Cambridge University Press.

Zoltan D. (2007).Research Method in Applied Linguistics.Quantitative, Qualitative and Mixed Methodologies. Oxford: Oxford University Press

DABALEE-A :

GAAFFILEESAKATTA'A DOKUMENTIIDHAAF QOPHAA'EE DHIYAATE

KOLLEEJJII NAMOOMAA,QORANNOO AFAANII,JOORNAALIIZIMIIFI

QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOOKLOORII

YUIVARSIITII ADDIS ABABAA

Qorannoo mataduree’’Qaaccessa dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi 11ffaa’’ jedhu irratti qorannoo geggeessuuf qorataan ragaa qorannoo isaatiif ta’u walitti qabachuuf akka madda odeeffannoo takkoffaatti kan gargaarame sakatta’a dokumantiidha. Sakatta’a dokumantii kana keessattis kan fayyadame kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi11ffaa(kitaaba barattootaa, qajeelcha barsiisotaafi silabasii barnoota kanneenii) qaaccessuudhaani.

Gaaffilee kallattii qaaccessa kitaabilee kanneenii agarsiisuuf qophaa’an

1. Dhiyaannaan dhamjechoota hirkatoo kitaaba barattootaa,qajeelcha barsiisotaafi silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi11ffaa keessatti gosa gosaan adda bahee dhiyaatee jiraa?
2. .Dhamjechoonni hirkatoon kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti Unkaan qoqqoodamanii ibsamaniiruu?
3. Dhamjechoonni hirkatoon kitaabilee kanneen keessatti tajaajilaanadda bahanii ibsamuun dhiyaataniiruu?
4. Dhiyaannaan dhamjechootaa kun bakka galumsa isaaniitiin akkamitti ibsamee jira?
5. Qabiyyee irratti hundaa'uun dhamjechoonni hirkatoon haala kamiin qoodamanii dhiyaatanii jiru?
6. Dhiyaannaan dhamjechoota hirkatoo kuni kitaabilee keessatti boqonnaarra gara baqonnaatti,akkasumas kutaafi kutaa gidduu walqabatinsa(hariiroon dalgeefi olee ni qabuu)?
7. Kitaabilee kanneen keessatti dhiyaannaan dhamjechoota hirkatoo fakkeenyaafi ibsa gahaan kennameef dhiyaatee jiraa?
8. Dhamjechoonni kuni kitaabilee kanneen keessatti kan dhiyaatanii jiran murtaa'aa irraa gara dimshaashaattimmoo dimshaasha irraa gara murtaa'aattidha?
9. Akka waliigalaatti kitaabileen kunniinyeroo qaacceffaman hanqinaaleen bira gahaman ni jiruu?
10. Hanqinaaleen adda bahan yoo jiraatan furmaanni hanqina mul'atan kanaa maal ta'uu danda'a?

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta’uu isaafi kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta’uusaa ykn hojii nama biraa akka hintaane mallattookootiin nan mirkaneessa.

Maqaa_____________________________________________

Mallattoo__________________________________________

Guyyaa____________________________________________

Barataa Dassaaleny Asaffaa Jaalataa waraqaa qorannoo isaa haala seera qorannoo eegeen qopheessee muummeetiif galchuu danda'uu isaa ani gorsaan mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Gorsaa __________________________________________

Mallattoo ____________________

Guyyaa ______________________